# Wongeela Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii Ka Maarqoos Barreesse

## Seensa

Wongeelli Maarqoosii, «Jalqabi Oduu Gammadaa ka Yesuus Kiristoosii Ilma Waaqaa kana» jedhiisaan jalqaba. Oduu Gammadaa tana keessatti Yesuus nama huji'iitii fi nama baallii qabu te'ee dhikaateera. Baalliin isaalle: Barsiisa isaatiin, durriisota irratti hunna qabuu fi cubbuu namaatiif araara kenniisaan mudhatteerti. Yesuus, «Kolbaa garbooma cubbu'uu jalaa bilisa baasiisaaf jiruu tiyya wodoo godhee kenniisaaf ka dhufe ani Ilma Namaa ti» jedhee ifumaafuu dubbateera.

Maarqoos dabarsii Yesuusii dubbi'ii fi barsiisa isaa irratti adoo hin te'in irra caalaa hujii bilbaasaa ka inni huje irratti xiyyeeffatee, karaa qajeela'aa fi jaba'aan dhikeesse. Marroo dabarsii Yohaannisii cuupha'aa, marroo cuuphamiisaa fi ataabamiisa Yesuusii, seensa gabaabaa kenneen duuba, marroo barsiisiisaa fi dhibee irraa fayyisiisa Yesuusii badhinnaan barreesseera. Yenna'aan duuba hordofattooti Yesuusii akkuma irraa caalaa Yesuus beekaa deemaneen, worri Yesuus falmulle irra caalaa isa jibbaa deeme. Fooroti dhumaa, torbaan dhumaa keessatti, jiruu Yesuusiititti waan muummowe, keessattuu marroo fannifamiisaa fi du'aa ka'iisa isaa dubbata.

Dhuma Wongeelaa irratti dalleya keessatti ka dhikaate yaadi lamaan barreeffama durii garii

keessa calla'atti dhaggama.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Jalqaba Wongeelaa*1:1-13*
Huji Yesuus Galiilaa keessatti huje*1:14—9:50*
Yesuus Galiila'aa gara Yerusaalemii dhaqe*10:1-52*
Yesuus torbaan dhumaa Yerusaalemii fi adaala isi'iititti*11:1—15:47*
Du'aa ka'iisa Yesuusii*16:1-8*
Mudhatiisaa fi ol bayiisa Goottaa du'aa ka'ee*16:9-20*

*Lallaba Yohaannisii Cuupha'aa*
*(Mat. 3:1-12; Luq. 3:1-18; Yoh. 1:19-28)*

1 Jalqabi Oduu Gammadaa ka Yesuus Kiristoosii
Ilma Waaqaa kana.
2 Kitaaba Isaayaasii raagichaa keessatti,
«Kunoo, Ani ergamaa kiyya ka karaa si'iif qopheessu
si'iin dura erga.
3 Lafa goomole'ee* keessatti nami tokko†,
‹Karaa Gootta'aa qopheessa'a;
daandii inni irra ideemu qajeelcha'a!› jedhaa iyya» jedhantee akkuma barreeffante.
4 Yohaannisiin cuuphaan lafa goomole'ee
keessatti, «Cubbuu teessan irraa deebi'aatii,
cuuphama'a! Waaqille cubbuu teessan isiniif
hin araarama» jedhaa lallabaa dhufe.
5 Kolbaan biyya Yihuda'aatii fi qachaa
Yerusaalemii martinuu gara Yohaannisii

* **1:3** *Goomole'ee:* Gammoojji'ii † **1:3** *Nami tokko:* Hiikkaan gariin, «qoonqoon nama iyyuu» jedha.

dhaqanee, cubbuu ifii dhugaa baasanee‡, laga Yordaanosiititti harka isaatitti cuuphamane.

6 Yohaannis uffana rifeensa gaalaatiin dhowame uffatee, hidha ifiille teephaan hidhatee, awwaannisaa fi damma hollaa nyaataa ture.
7 Inni, «Ka na caalu na duubaan dhufaara; ani gad jedhee hidhaa kophee isaalle hiiku'uuf nama te'uu moti.
8 Ani bisaaniin isin cuupha; inni ammoo Ayyaana Woyyichaan§ isin cuupha» jedhee lasse.

### *Cuuphamuu Yesuusii*
### *(Mat. 3:13-17; Luq. 3:21-23; Yoh. 1:31-34)*

9 Eegi san adoo hin turin Yesuus, qachaa Naaziretii ka Galiilaa keessatti dhaggamuu dhufee, laga Yordaanosiititti harka Yohaannisiititti cuuphame.
10 Akkuma Yesuus bisaan keessaa bayeen, ol-gubbaan saaqantee, Ayyaanni Woyyichi saphali-isa fakkaatee dhufee isa irra bu'uun dhagge.
11 Ol-gubbaa irraa, «Ati Ilma kiyya ka ani jaal-adhu; ani si'itti gammadeera» qoonqoon jettu dhage'ante.

### *Ataabamuu Yesuusii*
### *(Mat. 4:1-11; Luq. 4:1-13)*

12 Yennuma san Ayyaanni Waaqaa akka Yesuus gara lafa goomole'ee dhaqu tolche.

‡ **1:5** *Dhugaa baasanee:* Faaci'atanee, cubbuu ifitti beekane.
§ **1:8** *Ayyaana Woyyichaan:* Ayyaana Qulqullu'uun

13 Yesuus lafa goomole'ee keessa guyyaa afur-
tama Seexanaan ataabamaa* ture. Achitti bi-
neensota woliin ture; ergantooti Waaqaalle isa
tajaajilane†.

### *Yesuus Galiila'atti Hujii Jalqabe (Mat. 4:12-17; Luq. 4:14-15)*

14 Yohaannisiin cuuphaan gara mana hidha'aa‡
dabarfamee kennameen duuba, Yesuus gara Gali-
ila'aa dhufee, Oduu Gammadaa ta Waaqa irraa
dhutte lallabe.
15 Inni, «Barri muummaweera, mootummaan
waaqaa dhikaatteerti, cubbuu irraa deebi'aatii
Oduu Gammadaatitti dhugeeffadha'a!» jedhe.

### *Yesuus Barattoota Jalqabaa Arfan Waame (Mat. 4:18-22; Luq. 5:1-11)*

16 Yesuus Abbaayaa Galiila'aa qarqaraan
adoo dabaruu, guurtuu qurxummi'ii ka te'ane
Simoonii fi Indiryaasiin obboleessi Simoonii
caccoo§ tiyyoo Abbaaya'atti afanuun dhagge.
17 Inni isaaniin, «Ana faana kowa'a! Ani guurtuu
namaa isin tolcha» jedhe.
18 Isaanille yennuma san caccoota ifii achitti
dhiisanee, isa faana deemane.
19 Yesuus haga diqqoo ideemee, ilmaan
Zabdewoosii Yaaqoobii fi Yohaannis, hoboloo
ifii keessatti caccoota ifii mimmidhaffatanuun
dhagge.
20 Inni akkuma dhaggeen isaan waame;
isaanille abbaa ifii Zabdewoos hojjattoota woliin

---

* **1:13** *Ataabamaa:* Nunnuffamaa † **1:13** *Tajaajilane:* Ergamane
‡ **1:14** *Hidha'aa:* Hidhaanaa **1:14** Mat. 3:2 § **1:16** *Caccoo:* Tiyyoo

hoboloo keessatti lakkisanee Yesuus faana deemane.

*Yesuus Namicha Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise*
*(Luq. 4:31-37)*

21 Yesuusii fi barattooti isaa gara qachaa Qifir-
naahoomii dhaqane; guyyaa Sanbata* itti aanuu
Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seenee
barsiise.
22 Yesuus akka barsiisota Seera Muuse'ee adoo
hin te'in, akka nama baallii qabuu waan isaan
barsiiseef worri barsiisiisa isaa dhage'ane maraa
akka inni itti barsiise jajane.
23 Yennuma san namichi ayyaana hama'aan
qabameeru tokko Mana Waaqonfannaa Yihu-
dootaa seenee,
24 «Yesuusii nama Naaziretii, haajaa maan nu
woliin qadda? Nu balleessiisaaf dhuttee? Ani
ebeluu teeti hin beeka; ati Woyyicha Waaqaa ti!»
jedhe iyye.
25 Yesuus ayyaana hama'aan «Cadhisi!
Keessalle'ee bayi» jedhee xixe.
26 Ayyaanni hamaan sun namicha gajassiisee,
qoonqoo guddo'oon iyyee keessaa baye.
27 Kolbaan martinuu guddoo maadeffattee,
«Wonni akkasii kun maan? Kun barnoota haareya!
Inni ayyaanota hamoota ajajiisaafille baallii
qaba; isaanille isaaf hin ajajaman» jettee wol
woliin dudubbatte.
28 Gurri isaa adoo hin turin lafa Galiila'aa duudii
keessatti addee maratti dhage'ame.

* **1:21** *Sanbata:* Guyyaa foora Yihudootaa

### *Yesuus Kolbaa Hedduu Fayyise (Mat. 8:14-17; Luq. 4:38-41)*

29 Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaatii
akkuma bayeen, Yaaqoobii fi Yohaannis woliin
mana Simooniitii fi Indiryaasii dhaqe.
30 Yennaa inni achi gewu haat-sodda'aa ta
Simoonii dhukkuba nafa o'isuun dhibantee irkat-
teerti; yoosuma dhibee isi'ii tana isatti himane.
31 Yesuus itti dhikaatee, harka isi'ii qabee ol isii
kaase; dhukkubi nafa o'isu sun isii lakkise; isiille
isaanii areerte.
32 Galgala san aduun seenteen duuba, worra
dhibamanee fi worra durriisotaan qabamane
maraa gara isaa fidane.
33 Kolbaan qachaa sanii martinuu balbala du-
ratti wolitti qabante.
34 Yesuus kolbaa hedduu ka dhukkuba adda
addaatiin dhibante fayyise. Inni durriisota hed-
duulle baase; ammoo durriisoti ebeluu isaa waan
beekaneef, akka isaan waan tokkolle hin dub-
banne dhoogge.

### *Yesuus Galiila'atti Oduu Gammadaa Lallabe (Luq. 4:42-44)*

35 Barii halkaniin, boruun adoo hin diimatin
Yesuus ka'ee, manaa gad bayee addee nami hin
jirre dhaqee, achitti daadimate.
36 Simoonii fi worri isa woliin turane ammoo
Yesuus barbaassa bayane.
37 Isaan yennaa isa dhaggane, «Namooti mart-
inuu si barbaadiisatti jiran» jedhaneen.
38 Yesuus ammoo, «Wonni Ani dhufeef
lallabiisaaf waan te'eef, ka'aa gara olloota nu'utti

aananuu dhandha, ani achille'etti lallabu'uu male» isaaniin jedhe.

39 Maarre, Yesuus lafa Galiila'aa maraa keessa deddeemee, manoota waaqonfannaa Yihudootaa keessatti lallabee, durriisotalle baase.

### *Yesuus Namicha Tokko Fayyise (Mat. 8:1-4; Luq. 5:12-16)*

40 Namichi dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeru tokko gara Yesuusii dhufee, miilatti jigee, «Yoo fedha keeti te'e na fayyisuu† hin dandeetta» jedhee isa gaafate.

41 Yesuus isaaf gaddee harka diriirfatee isa qabee, «Hin fedha, fayyi!» isaan jedhe.

42 Yennuma san dhukkubi goga'aa farrisiisaan namicha lakkisee, namichi fayye.
43 Achiin duuba Yesuus namichaan,
44 «Beekkadhu! Waan kana nama tokkolle'etti hin himin; ammoo dhaqiitii hayyichatti‡ ifi mudhisi; akka ati fayyite, nami mara akka beekuuf, fayyuu keetiif, qodha Muuseen ajaje kenni!» jedhee, jabeessee, seeree, isa erge.

45 Namichi ammoo achii deemee, akkuma dhagge haasowee oduu biyyaan geye. Kanaaf Yesuus addee qoommi'iititti§ ture malee, qaaleyaan gara qacha'aa seenu'uuf hin dandeenne. Kolbaan ammoo addee maraa gara isaa dhutte.

---

**1:38** Mat. 4:23; 9:35 † **1:40** *Fayyisuu:* Qulleessuu ‡ **1:44** *Hayyichatti:* Qeesichatti § **1:45** *Qoommi'iititti:* Qoonni'iititti

# 2

## *Yesuus Namicha Nafa Laashowe Fayyise (Mat. 9:1-8; Luq. 5:17-26)*

1 Guyyaa diqqa'aan duuba Yesuus Qifirnaa-
hoomitti deebi'ee gale; kolbaan akka inni galee
mana jiru dhageette.
2 Kolbaan hedduun haga manni dhiphatee, bal-
bala duraan woliin addee dhabanutti wolitti qa-
bante. Adoo Yesuus jecha Waaqaa isaan barsiisi-
isatti jiruu,
3 jarri takka nama afur te'anee, namicha nafa
laashoweeru tokko ba'atanee gara Yesuusii fida-
nee dhufane.
4 Kolbaan waan heddatteef gara Yesuusii dhiy-
eessuu dadhabanee, addee inni jiru gubba'aan
heellichoo* manaa xaranee qowa baasanee, it-
illee woliinuu gad buusane.
5 Yesuus dhugeeffannaa isaanii dhaggee,
namicha nafa laashoween, «Ilma kiyya, cubbuu
teeti maraaf araarri kennameera» jedhe.
6 Barsiisoti Seera Muuse'ee ka achi
tetee'aneeranu tokko tokko,
7 «Namichi kun attam akkana dubbata? Kun
Waaqa faanshessiisa! Waaqa tokkocha malee
eennutti cubbuu namaaf araaramuu dande'a?»
jedhanee gadhaa ifii keessatti yaadatane.
8 Yesuus yennuma san waan isaan yaadatane
nyaba'aan beekee, «Isin maaf waan akkanaa kana
yaadattan?

---

* **2:4** *Heellichoo:* Heellichoon mana biyya Filisxeemii hin baxxatti malee, akka mana keennaa ol hin luuxxottu

9 Namicha nafa laashoween, ‹Cubbuu teetiif
araarri kennameera› jechu'u moo yookiin, ‹Ol
ka'ii, itillee teeti fudhadhuutii deemi› jechu'utti
kaso'o?
10 Ani Ilmi namaa lafa irratti baallii cubbuu na-
maaf araaramu akka qabu akka beettanu» jedhee,
namicha nafa laashoween,
11 «Ani si'iin jedha, ol ka'i! Itillee teeti fudhad-
huutii gara mana keetii deemi» jedhe.
12 Adoo isaan maraa dhagganuu, yennuma
san namichi ol ka'ee itillee ifii fudhatee gad
bayee deeme. Isaan martinuu guddoo baaseffata-
nee, «Waan akkanaa kana ijjumaa dhagginee hin
beennu» jedhaa Waaqa leellisane.

### *Yesuus Lewwii Waame*
### *(Mat. 9:9-13; Luq. 5:27-32)*

13 Ammalle Yesuus gara qarqara abbaayaa Gali-
ila'aa dhaqe. Gumiin guddoon gara isaa dhuttee,
inni isaan barsiise.
14 Inni karaa saniin adoo dabaruu, Lewwii
ilma Alfewoosii addee gosee qaraxaa tee'eeruun
dhaggee, «Na hordofi» jedheen. Innille ka'ee isa
hordofe.
15 Eega san Yesuus mana Lewwi'iititti sagalee
areerratiisatti jiraayyu. Namooti hedduun waan
isa hordofaneeranuuf, worri qaraxa guuruu fi
cubbaaleyyiin hedduun Yesuusii fi barattoota isaa
woliin sagalee areerratiisaaf qori'itti hiiqanee
tetee'aneeraniiyyu.
16 Worra Fariisaayota keessaa barsiisota Seera
Muuse'ee ka te'ane, Yesuus worra qaraxa guu-
ruu fi cubbaaleyyii woliin areerratuun dhagga-
nee, «Maaf inni worra qaraxa guuruu fi cubbaa-

leyyii woliin areerrata?» jedhanee barattoota isaa
gaafatane.
17 Yesuus waan kana dhage'ee, «Namoottaan
fayyaa hin qanneef malee, fayyaaleyyi'iif ogeessi
hin barbaachisu. Ani cubbaaleyyii waamiisaaf
malee, balchoota waamiisaaf hin dhunne»
isaaniin jedhe.

### *Gaaffii Marroo Laamiisaa (Mat. 9:14-17; Luq. 5:33-39)*

18 Guyyaa tokko barattooti Yohaannisiitii fi Fari-
isaayoti yennaa laamanu, jarri tokko gara Yesu-
usii dhufanee, «Barattooti Yohaannisiitii fi barat-
tooti Fariisaayotaa hin laaman. Barattooti teeti
ammoo maaf laamuu dhaban?» jedhanee isa
gaafatane.
19 Yesuus ammoo deebisee, «Jaaloti waajibaa,
adoo inni isaan woliin jiruu hin laamanii? Haga
inni isaan woliin jiru hin laamanu.
20 Ammoo guyyaan waajibichi isaan biraa fud-
hatamu hin dhufa; isaan guyyaa san laaman.
21 «Woyaa dullatti'itti erbee haareya eennulle
hin erbu; yoo erbe, erbeen haaretti sun woyaa
dullattii san shuntuurachiittee† hin tarsaatti;
tarsa'iisi isi'iille ka qaraa ka caalu te'a.
22 Akkasuma daadhii Woyni'ii ta hin bayin‡
qalqalluu dulloometti eennulle hin naqu; yoo
naqe daadhiin sun qalqalluu san hin dhoochi;
daadhi'ii fi qalqalluulle hin badan. Tanaa mannaa
daadhiin hin bayin qalqalluu haareyatti naqa-
muu qaddi» isaaniin jedhe.

---

† **2:21** *Shuntuurachiittee:* Shuntuurrachiittee ‡ **2:22** *Daadhiin Woyni'ii ta hin bayin:* Daadhiin Woyni'ii o'ituun

### *Gaaffii Marroo Guyyaa Sanbataa (Mat. 12:1-8; Luq. 6:1-5)*

23 Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus fichaa qa-
madi'ii keessa dabaruun, barattooti isaa adoo isa
woliin ideemanuu qamadii bubuqqifatiisa jalqa-
bane.
24 Fariisaayoti Yesuusiin «Ilaali, barattooti teeti
guyyaa Sanbataatiin akka hin tolchine Seeraan
waan dhooggame maaf tolchan?» jedhane.
25 Yesuus deebisee, «Daawiti waan nyaatu
dhabee, yennaa innii fi worri isaa woliin jiranu
beelowane, waan inni tolche isin ijjumaa hin
dubbinnee?
26 Bara Abiyaataar Hayyicha Guddaa te'eerutti,
mana Waaqaa seenee daabboo Waaqa dura
dhikaattu, hayyoota qofaaf ka Seerri kennu
nyaatee, worra isa woliin jiranuufille kenne»
isaaniin jedhe.
27 Achiin duuba Yesuus «Sanbatattuu namaaf
dadame malee, nami Sanbataaf hin dadanne.
28 Maarre Ani Ilmi Namaa Sanbataafille
Gootta'a» isaaniin jedhe.

# 3

### *Yesuus Namicha Harka Naafaa Fayyise (Mat. 12:9-14; Luq. 6:6-11)*

1 Achiin duuba Yesuus deebi'ee gara Mana
Waaqonfannaa Yihudootaa dhaqe; namichi harki
isaa naafateeru tokko achi jiraayyu.
2 Jarri Yesuus himachuu fedhanee, guyyaa San-
bataatiin akka inni isa fayyisu gaadanu tokkolle
achi jiraniiyyu.

3 Yesuus namicha harka naafateeruun, «Ka'iitii
nama dura dhaabbadhu!» jedhe.
4 Achiin duuba jaralle'een, «Seerri keenna
guyyaa Sanbataatiin dansaa moo hantuu tolchuu,
yookiin lubbuu fayyisuu moo ijjeesuu nu ajaja?»
jedhe. Isaan ammoo cadhisane.
5 Yesuus worra cinaa isaa marseeru ila
aari'iitiin ilaale; ammoo mataa jabeenna
isaaniitiifille gadde. Achiin duuba namichaan,
«Harka keeti diriirfadhu!» jedhe. Yennaa namichi
harka ifii diriirfate, harkille deebi'ee fayye.
6 Maarre worri Fariisaayotaa gad bayanee, yen-
numa san golii Heroodisii woliin attamiin akka
isa ijjeesanu mari'atane.

### *Gumiin Guddoon Gara Yesuus Dhutte (Mat. 12:15-21; Luq. 6:17-19)*

7 Yesuus barattoota ifii woliin gara cinaa ab-
baayaa Galiila'aa deeme. Gumiin guddoon Gali-
ila'aa, biyya Yihuda'aatii,
8 qachaa Yerusaalemiitii, biyya Edoomiya'aatii,
biyya Yordaanosiin gamaa ta gara aduun baatuu-
tii, adaala qachoota Xiiroosiitii fi Sidooniitii, waan
Yesuus hujaa ture mara dhageettee gara isaa
dhutte.
9 Gumiin guddoon sun akka isa hin cifanneef,
akka hoboloo isaa qopheessanu barattoota ifiititti
hime.
10 Inni kolbaa hedduu waan fayyiseeruuf, worri
dhukkuba gara garaa qabanu maraa isa harkaan
qabatiisaaf gara isaa wol dadarbane.
11 Ayyaanoti hamooti namoota keessa jiranu
yennuma isa dhaggane maraa, fuula isaa duratti
jiganee, «Ati Ilma Waaqaa ti» jedhanee iyyane.

12 Yesuus ammoo ayyaanoti hamooti akka
ebeluu isaa eennulle'etti hin hinne jabeessee
ajaje.

### *Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Filate (Mat. 10:1-4; Luq. 6:12-17)*

13 Yesuus gara gaaraa ol bayee, worra barbaade
gara ifii waame; isaanille gara isaa dhufane.
14 Achiin duuba Inni akka isaan Isa woliin
te'anu, Oduu Gammadaa lallabiisaaf akka erga-
manu,
15 durriisota baasiisaafille baallii akka
qabaatanu namoota kudhanii lamaan filatee,
«Ergantoota» jedhee moggaase.
16 Worri kudhanii lamaan Inni filatelle,
Simoonii Inni «Pheexroos» jedhee moggaase,
17 Yaaqoobii fi Yohaannisii ilmaan Zabdewoosii,
worra Inni «Bo'anerges» jedhee moggaase; akkas
jechuulle, «Ilmaan Mandiisu'uu» jechu'u.
18 Indiryaas, Filiphoos, Bartolomewoos,
Maatewoos, Toomaas, Yaaqoobii ilma Alfewoosii,
Taadewoos, Simoonii «Hinaatticha» jedhamee
beekkamee fi
19 Yihudaa nama qachaa keriyootii, ka isa
dabarsee kenne.

### *Yesuusii fi Bi'el Zebul (Mat. 12:22-32; Luq. 11:14-23; 12:10)*

20 Achiin duuba Yesuus gara manaa yennaa
gale, haga innii fi barattooti isaa sagaleelle
nyaachuu dadhabanutti gumiin ammalle wolitti
qabante.
21 Kolbaan, «Inni maraateera» waan jetteef, fi-
roottan isaa kana dhage'anee isa qabiisaaf dhu-
fane.

22 Barsiisoti Seeraa worri Yerusaalemii dhufane
ammoo, «Bi'el Zebul* isa keessa jira! Inni hunna
mooticha durriisotaatiin durriisota baasa» Yesu-
usiin jedhane.

23 Jennaan Yesuus gara ifii isaan waamee, «At-
tamiin Seexanni Seexana baasuu dande'a?
24 Mootummaan takka yoo ifi falmitee gargar ifi
qoodde, mootummaan sun hin diiganti.
25 Maatiin takka yoo ifi falmitee gargar ifi
qoodde, maatiin sun hin xexeeranti.
26 Maarre Seexannille ifi falmee, yoo ifi gargar
qoode, sun badii isaa ti malee dhaabbachu'uuf hin
dande'u.
27 «Eennulle duraan dursee namicha jabaa yoo
hidhe malee, mana nama jabaa tokkoo seenee
meya isaa saamu'uuf hin dande'u; hidheen duuba
ammoo mana isaa saamu'uuf hin dande'a.
28 «Ani dhugumaan isinitti hima, cubbuun
maraa fi dubbiin arrabaa marti afaan namaa
keessaa yoo baate, ilmaan namaatiif araarri hin
kennama.
29 Eennulle Ayyaana Woyyichaan mormee dub-
bii arrabaa yoo dubbate ammoo, yakkaamessa
cubbuu bara baraa te'a malee, ijjumaa araara hin
dhaggatu» jedhee isaanitti mammaake.

30 Yesuus sababa kolbaan, «Inni ayyaana hamaa
qaba» jetteertuuf akkana jedhe.

### *Haadhaa fi Obboleeyyan Yesuusii*
### *(Mat. 12:46-50; Luq. 8:19-21)*

---

* **3:22** *Bi'el Zebul:* Mooticha ayyaanota hamootaa **3:29** Luq. 12:10

31 Achiin duuba haati Yesuusiitii fi obboleeyyan
isaa dhufanee ala dhaabbatanee, itti erganee isa
waansisane.
32 Gumiin cinaa isaa marsitee teetteertu Yesu-
usiin, «Kunoo, haati teetii fi obboleeyyan teeti ta
dhiiraatii fi ta durraa alaa si barbaadiisatti jiran»
jedhane.
33 Yesuus deebisee, «Haati tiyyaa fi obboleeyyan
tiyya eennu fa'a?» isaaniin jedhe.
34 Inni gara worra isa marsee te'eeru midhatee,
«Kunoo, haati tiyyaa fi obboleeyyan tiyya worra as
jiranu kana!
35 Fedhii Waaqaa ka muummessu eennuuyyuu
obboleessa kiyya, obboleettii tiyya, haadha
tiyyalle'e» jedhe.

# 4

## *Mammaassa Namicha Midhaan Facaasuu (Mat. 13:1-9; Luq. 8:4-8)*

1 Yesuus cinaa abbaayaa Galiila'aatitti ammalle
barsiisuu jalqabe. Gumiin sonaan guddo'oo isa
biratti wolitti qabantee jennaan, Yesuus hoboloo
yaabee Abbaayaa gubba'atti keessa tee'e. Gumiin
sun maraa ammoo lafa irra qarqara abbaayaa
sanii dhaabbatteertiiyyu.
2 Yesuus waan hedduu isaan barsiisiisaaf itti
mammaakee:
3 «Caqasa'a! Namichi tokko midhaan facaasu'uuf
baye.
4 Adoo inni facaasuu, midhaan gariin karaa
qarqara harca'e; sinbirreelle dhuttee qocattee
nyaatte.

5 Gariin ammoo lafa dhakittii, lafa biyyee gud-
doo hin qanne irra harca'e; lafi inni irra harca'e
biyyee gad fageenna waan hin qanneef ariifatee
mudhe.
6 Yennaa aduun itti baate ammoo qoore; hidda
gad fago'oo waan hin qanneef goge.
7 Gariin qoree keessa harca'e; qoreelle guddat-
tee isa huute; innille midhaan hin buune.
8 Gariin ammoo biyyee dansaa keessa harca'e;
innille mudhee, guddatee, midhaan buuse: gariin
midhaan soddoma, gariin midhaan jaatama,
gariin midhaan dhibba buuse!*» jedhe.
9 Achiin duuba Yesuus, «Gurra dhage'u ka qabu
dhage'uu ti» jedhe.

### *Mammaassi Maaf Akka Barbaachise (Mat. 13:10-17; Luq. 8:9-10)*

10 Yennaa Yesuus qofi jiru, worri adaala isaa
jiranu fi barattooti kudhanii lamaan waan mam-
maassa kanaa isa gaafatane.
11 Yesuus deebisee, «Dhossaan† mootummaa
Waaqaa isiniif kennanteerti‡; worra ala jiruuf
ammoo wonni maraa mammaassaan himama.
12 Wonni himamuufille,
«‹Isaan ilaalanee ilaalaneelle,
ijjumaa akka hin dhaggine;
dhage'anee dhage'aneelle,
ijjumaa akka hin hubanne;
gara Waaqaa deebi'anee

---

* **4:8** Kitaab gariin, gariin dachaa soddoma, gariin dachaa jaatama, gariin dachaa dhibba buuse jedha; akkas jechuun midhaan soddoma, yookiin jaatama yookiin dhibba buuse jechu'u.
† **4:11** *Dhossaan:* Iccitiin, misxiriin, fojoon, gonci
‡ **4:11** *Kennanteerti:* Himanteerti

innille isaaniif akka hin araaranneefii› » isaaniin jedhe.

### *Hiikkaa Mammaassa Namicha Midhaan Facaasuu*
### *(Mat. 13:18-23; Luq. 8:11-15)*

13 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Mammaassi kun isiniif hin galuu? Eegasuu attamiin mammaassa dhibii hubattan ree?
14 Namichi facaasu jecha Waaqaa facaasa.
15 Midhaan karaa qarqara harca'e, fakkeenna worra jecha Waaqaa akkuma dhage'aneen, Seexanni dhufee jecha dhage'ane san isaan keessaa fudhatuu ti.
16 Midhaan lafa dhakiti'itti harca'e, fakkeenna worra jecha Waaqaa akkuma dhage'aneen gammadaan fudhatanuu ti.
17 «Ammoo isaan hidda gad fago'oo hin qabanu; yenna'aaf hin dhaabbatan; sababa jecha Waaqaatiif rakkinni yookiin miidhaan§ yennaa ka'u yoosuma jigan.
18 Midhaan daggala qore'ee keessatti harca'e, fakkeenna worra jecha Waaqaa caqasuu ti.
19 Ammoo yaaddoon waan lafa tanaa, badhaadhi durumma'aa, halchaan waan adda addaa itti seentee, jecha Waaqaa huutee midhaan adoo hin buusin hafan.
20 Midhaan lafa dansaa keessatti harca'e ammoo, fakkeenna worra jecha Waaqaa dhage'ane fudhatanee, gariin midhaan soddoma, gariin midhaan jaatama, gariin midhaan dhibba buusanuu ti» jedhe.

---

§ **4:17** *Miidhaan:* Ari'amuun

### *Mammaassa Ifa Gombisoo Jalaa (Luq. 8:16-18)*

21 Yesuus itti aansee, «Nami ifa fidee qorii jala
yookiin taqee jala hin keyaa? Addee mudhatutti
fannisaa motii?
22 Wonni dhokatteertu yoo jiraatte, gara mud-
hattutti hin baati; wonni dhossa'aa yoo jiraatte,
gara ifaatitti hin baati.
23 Nami gurra dhage'u qabu dhage'uu ti»
isaaniin jedhe.
24 Yesuus itti dabalee, «Waan dhageettanu qal-
beeffadha'a! Waan namaaf ittiin safartanutti
isinille'eef hin safarama; caalchifameelle isiniif
hin kennama.
25 Nama wo qabuuf, itti dabalamee hin ken-
namaaf; nama womaa hin qanne ammoo, ka
inni qabuuyyuu isa irraa hin fudhatama» isaaniin
jedhe.

### *Mammaassa Midhaan Ifumaan Mudhee Guddatuu*

26 Yesuus itti aansee, «Mootummaan Waaqaa
nama ficha'atti midhaan facaasee fakkaatti.
27 Namichi galee halkan hin rafa, guyyaa hin
ka'a; midhaan sun ammoo adoo inni hin beekin
mudhee guddata.
28 Biyyeen ifumaan akka midhaan latee gud-
datu gooti; dursee mudhee obba, itti aansee
daraara, achiin duuba midhaan buusa.
29 Yennaa midhaan sun bilchaate, haammaan
waan geetteef, yennuma san inni haantu'uun
haama» jedhe.

---

**4:22** Mat. 10:26; Luq. 12:2

### *Mammaassa Midhaan Sanaafici'ii*
### *(Mat. 13:31-32; Luq. 13:18-19)*

30 Yesuus ammalle, «Mootummaa Waaqaa
maaniin wol fakkeessina? Yookiin mammaassa
kamiin isii hinna?
31 Isiin akka midhaan Sanaafici'ii* ti. Midhaan
isi'ii yennaa lafatti facaafamu midhaan biyya
lafaa maraa irra hin diqqaata.
32 Inni yennaa facaafame, latee hin guddata;
waan ficha'atti facaafame maraa irra ka caalu
te'a; dameelee gugurdoo hin baasa. Sinbirreen
dhuttee gaaddisa damee isaa jalatti mana ijaar-
ratti» jedhe.
33 Yesuus mammaassa hedduu ka kana
fakkaatuun haga hubantii isaaniititti jecha
isaanitti hime.
34 Inni mammaassaan malee isaanitti hin dub-
banne; ammoo yennaa barattoota ifii woliin qofi
jiru, waan maraa isaanii hiike.

### *Yesuus Bubbee Cadhisiise*
### *(Mat. 8:23-27; Luq. 8:22-25)*

35 Yesuus gaafuma san galgala barattoota ifi-
itiin, «Ka'aa, gara abbaaya'aan gamaa buunaa»
jedhe.
36 Barattooti isaa gumii achi jirtu lakkisanee,
akkuma inni duraanuu hoboloo keessa
tee'eeruun Yesuus fuudhanee deemane;
hobolooti dhibiille woliin deemane.
37 Dedhuma bubbeen bubbittee, danbaliin†
bisaanii hobolo'otti dhangalaatee guutiisa geette.

---

* **4:31** *Sanaaficii:* Sanaaficiin waan ficha'atti dhaabbanuu fi nyaatantu teetee, midhaan isi'ii imiimii akka midhaan muka danbi'iiti † **4:37** *Danbaliin:* Danbalaan

38 Yesuus hoboloo san keessa gara duubaatiin
boraafatee rafeeraayyu. Barattooti isaa isa
dammassanee, «Barsiisa'a! Yoo nu dhumannu
womaa si hin dhibuu!» jedhane.

39 Yesuus dammaqee bubbee saniin, «Cadhisi!»
jedhee xixe. Danbalii bisaaniitille'een, «Sarmi!»
jedhe. Bubbeen cadhinnaan, cadheessi guddaan
te'e.
40 Achiin duuba barattoota ifiitiin, «Maaf guddoo
sodaattane? Haga ammaa dhugeeffannaa hin
qaddanuu?» jedhe.

41 Isaan ammoo guddoo sodaatanee, «Ka
bubbe'ee fi danbaliille isaaf ajajamanu kun eennu
inni?» woliin jedhane.

# 5

## *Yesuus Ayyaana Hamaa Namicha Tokko Keessaa Baase*
*(Mat. 8:28-34; Luq. 8:26-39)*

1 Yesuusii fi barattooti isaa Abbaayaa Gali-
ila'aatiin gama, gara biyya Gergeesa'aa dhufane.
2 Akkuma Yesuus hoboloo irraa bu'een, namichi
ayyaanni hamaan qabeeru tokko addee goda
awwaalaa keessaa bayee gara isaa dhufe.
3 Namichi kun irreensota odduu le'eera; een-
nulle wodaroo sibiilaatiille'een isa hidhuu hin
dandeenne.
4 Inni yennaa hedduu wodaroo sibiilaatii fi sibi-
ila miilaatiin hidhamaa ture; ammoo wodaroo
sibiilaa ifi irraa kukkutaa, sibiila miilaalle bu-
tuchaa ture. Kanaaf nami tokkolle gad isa qabuu
hin dandeenne.

5 Namichi yennaa maraa halkanii fi guyyaa
odduu irreensotaatitti yookiin gaara gubbaa
dhaqee iyyaa, dhakaalle'een ifi duguugaa ture.

6 Inni fago'otti Yesuus dhaggee, gara isaa fiigee,
duratti jilbiiffatee,
7 iyyee lallabee, «E! Yesuus Ilma Waaqa Ol
Aana'aa! Maan na irraa qadda? Ani si kadhadhaa,
magannee Waaqaa na hin rakkisin!» jedhe.
8 Yesuus isaan, «Ati ayyaana hama'a, namicha
kana keessaa bayi!» waan jedheeruuf, inni
akkana jedhe.

9 Yesuus, «Maqaan keeti eennu?» jedhee isa
gaafate.

Innille, «Maqaan kiyya duula; nuuti baca'a» jed-
hee deebise.
10 Ammalle inni ayyaana hamaa bacaa san
adaala godina saniitii akka hin baanneef,
jabeessee Yesuus kadhate.

11 Yennaa san, adaala san roga gaaraa irra,
booyyeen hedduun bobbaatee dheediisatti jirti-
iyyu.
12 Maarre ayyaanoti hamooti sun, «Booyyota
sanitti akka galluuf itti nu ergi!» jedhanee Yesuus
kadhatane.
13 Innille akka isaan itti galanuuf eeyyame.
Ayyaanoti hamooti namicha keessaa bayanee
booyyota sanitti galane. Booyyoti hedduun ta
haga kuma lamaaniititti laakkowantu sun, roga
qile'ee irraa gad gara abbaaya'aa oriitee liqin-
fante.
14 Worri booyyee tissanu baqatanee, oduu tana
worra qachaa keessaatii fi worra adaala saniititti

odeessane. Namooti waan te'e kana ilaalu'uuf dhufane.
15 Yesuus bira yennaa geyane, namichi duula
ayyaana hama'aatiin qabamee ture sun woyaa uffatee, qalbiin deebitee achi te'eeruun dhagganee sodaatane.
16 Worri dhaggane sun, waan namichi ayyaanni
hamaan keessa ture sunii fi booyyoti maan akka te'ane kolba'atti odeessane.
17 Achiin duuba isaan akka Yesuus adaala biyya
isaaniitii deemuuf gaafatane.

18 Yesuus achii deemiisaaf adoo hoboloo
yaabiisatti jiruu, namichi ayyaana hama'aan qabameeru sun, «Ani si woliin deema» jedhee isa kadhate.
19 Yesuus ammoo didee, «Gara manaa keetii
deebi'ii gali; waan guddoo attamii Goottaan akka si'iif godhe, attam akka inni si'iif arjoome worra keetiif himi!» isaan jedhe.

20 Maarre namichi deemee, biyya qachoota
kudhan jedhantu keessatti, waan guddoo Yesuus isaaf godhe maraa odeesse. Worri dhage'ane martinuu jajane.

### *Intala Yaayiroosiitii Fi Dubartittii Woyaa Yesuusii Tuxxe*
*(Mat. 9:18-26; Luq. 8:40-56)*

21 Yesuus deebi'ee hobolo'oon gara abbaaya'aan
gamaa qaxxaamure. Yennaa inni qarqara abbaaya'aa jiru, gumiin guddoon isa biratti wolitti qabante.
22 Bulchitoota Mana Waaqonfannaa
Yihudootaa keessaa namichi tokko, ka maqaan

isaa Yaayiroos jedhamu dhufee, yennaa Yesuus
dhagge, miila isaatitti gad jigee,
23 «Intalti tiyya diqqayyittiin dhukkuffattee
du'iisa geetteerti. Akka isiin fayyituuf
maganne'ee koyiitii harka keeti isii irra keyi!»
jedhee jabeessee kadhate.

24 Achiin duuba Yesuus Yaayiroos woliin
deeme. Namooti hedduun isa gula deemanee
gara maraanuu isa dhiphisane.

25 Dubartiin woggaa kudhanii lamaa dhiigi isi'ii
jigaa rakkattu takkalle achi jirtiiyyu.
26 Ogeessaan adoo cidhoommattuu guddoo
rakkattee, waan qaddu maraa kanuma irratti
fixxe. Dhibeen ammoo ittuma hammaatte malee
hin goonne.
27 Gurra Yesuusii yennaa dhageette, gumii san
odduu, dudda isaa duubaan dhuttee woyaa isaa
tuxxe.
28 Isiin, «Woyuma isaalle yoo tuqe ani hin fayya»
jedhaa gadhaa ifiititti yaadataa turte.
29 Yennuma san dhiigi isi'ii lola'uu lakkisee,
dhibee ifii irralle'ee akka fayyite itti dhage'ame.

30 Yesuus yennuma san hunni fayyittu isa
keessaa akka baate beekee, gumii oddu'utti ifi
irra garagalee, «Eentu woyaa tiyya tuqe?» jedhee
gaafate.

31 Barattooti isaa, «Akka gumiin si dhiibiisatti
jirtu adoo dhaggituu, ‹Eentu na tuqe?› jettee
gaafattaa?» isaan jedhane.
32 Yesuus ammoo nama isa tuqe dhaggiisaaf
cinaa ifii ilaale.

33 Dubartittiin waan isi'iif godhame hubattee,
sodaataa hollataa dhuttee miila Yesuusiititti jid-
dee, dhugaa jirtu maraa isatti hinte.
34 Yesuus isi'iin, «Ee intala tiyya, dhugeeffan-
naan teeti si fayyitteerti; nageyaan deemi; dhibee
teeti irralle'ee fayyi» jedhe.
35 Adoo Yesuus kana dubbatiisatti jiruu,
namooti gariin mana Yaayiroosii bulchaa Mana
Waaqonfannaa Yihudootaatii dhufanee, «Intalti
teeti duuteerti. Yoona maaf barsiisaa rakkitta?»
isaan jedhane.
36 Yesuus ammoo, waan dubbatame san
tuffatee, bulchaa Mana Waaqonfannaa
Yihudootaa saniin, «Hin sodaatin, dhugeeffadhu
malee!» jedhe.
37 Yesuus: Pheexroos, Yaaqoobii fi Yohaan-
nisii obboleessa Yaaqoobii malee, nami tokkolle
isa gula mana namichaa akka dhaquuf hin bar-
baanne.
38 Gara mana bulchaa sanii yennaa geyane,
Yesuus namoota caancanuu fi bowaa wiiccifatanu
dhagge.
39 Inni mana seenee, «Maaf caancitanee boot-
tan? Intalti rafiisatti jirti malee, hin duune»
isaaniin jedhe.
40 Isaan ammoo itti kollane. Achiin duuba inni
isaan maraa gara alaa yaasee, abbaa, haadha
intalaatii fi barattoota ifii sadiin fudhatee, addee
intalti jirtu seene.
41 Harka isi'ii qabee, «Xaliitaa quumii!» jedheen;
akkas jechuun «Intala diqqayyoo! Ol ka'i!» jechu'u.
42 Intaltille yoosuma kaatee asii fi achi deente.
Isiin intala woggaa kudhanii lamaa ti. Yennaa san

isaan akka malee baaseffatane.
43 Yesuus ammoo, akka isaan eennulle'etti hin
hinne jabeessee seere. Achiin duuba «Waan
nyaattu isi'iif kenna'a!» jedhe.

# 6

## *Yesuus Naaziretitti Tuffatame (Mat. 13:53-58; Luq. 4:16-30)*

1 Yesuus addee san lakkisee, gara qachaa ifii itti
guddatee barattoota ifii woliin dhaqe.
2 Guyyaa Sanbataa, Mana Waaqonfannaa Yihu-
dootaatitti barsiisuu jalqabe. Namooti hedduun
achi jiranu, yennaa isa dhage'ane jajanee, «Wonna
kana mara inni attam dande'ee huja? Baasota
kana huju'uuf qarumma'aa fi hunna akkasii inni
eessaa dhaggate?
3 Inni ilma Maariyaami'ii ka muka bocuu motii?
Obboleeyyan isaalle Yaaqoob, Yoseef, Yihuda'aa
fi Simoon fa'aa motii? Qachaa keenna keessa
ammaa tanalle le'anii motii?» jedhanee isa tuffa-
tanee, isa fudhatiisa didane.
4 Yesuus ammoo, «Raagaan tokko, addee dhibi'itti
malee, biyya ifii, firoottan ifiitii fi maatii ifii
keessatti ulfinna hin qabu» isaaniin jedhe.
5 Yesuus worra dhibameeru diqqaa tokko irra
harka ifii keyee fayyise malee, baasota dhibii
achitti hujiisaaf hin dadeenne.
6 Dhugeeffannaa dhabuun kolba'aa isa maadef-
fachiitte.

## *Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Erge (Mat. 10:5-15; Luq. 9:1-6)*

Yesuus olloota adaala sanii mara keessa dhaqee barsiise.
7 Achiin duuba inni ergantoota kudhanii lamaan gara ifii waamee ayyaanota hamoota irratti baallii isaaniif kennee, lamaan lamaaniin isaan erge.
8 Inni isaaniin, «Ideemiisa kara'aatiif ulee malee, galaa, subba, beesee marxo'otti, waan tokkolle hin qabatina'a.
9 Kophee keyadha'a; woyaa uffatane malee ta dhibii hin qabatina'a.
10 Yennaa keessummummaa manatti isin fud-hatane, haga qachaa sanii deentanutti manuma san keessa tura'a.
11 Yoo qachaa kolbaan isin hin fudhanne yookiin isin hin dhageenne dhaxxane, akka beessisa isaanitti teetu yennaa achii deentanu bukuu miila keessanii dhodhowadha'a» jedhe.
12 Maarre ergantooti deemanee, kolbaan cub-buu irraa akka deebitu himiisa jalqabane.
13 Isaan ayyaanota hamoota hedduu baasanee, worra dhibamaa hedduulle zayitii* issanee fayy-isane.

### *Du'a Yohaannisii Cuupha'aa*
### *(Mar. 14:1-12; Luq. 9:1-6)*

14 Gurri Yesuusii addee maratti waan beekkameeruuf, Heroodisiin mootichi waan isaa dhage'e. Worri gariin, «Yohaannisii cuupha'atti ka'eera; hujiin baasaa tun isaan hujanti» jedhane.

---

* **6:13** *Zayitii:* Akkuma Gujiin dhadhaa muudatu yookiin iffatu, worri Yihudootaalle zayitii muka ejersaa irraa hujante muudatan yookiin iffatan

15 Worri kuun, «Inni Eliyaas» jedhane; kuun ammoo, «Inni raagichuma akka raagota durii ti» jedhane.
16 Heroodis gurra Yesuusii yennaa dhage'e ammoo, «Yohaannisii ani morma isaa mursiisettuu du'aa ka'e» jedhe.

17-18 Heroodis wosoo ifii Heroodiyaas niitii Filiphoosii fuudheeraayyu. Yohaannis ammoo isaan, «Wosoo teeti fuudhuun seeraa moti!» waan jedheeruuf, inni isii gammachiisu'uuf, Yohaannis qassiisee mana hidha'aatitti hiisise.
19-20 Heroodiyaas Yohaannisitti haloonfattee, isa ijjeesisiisaaf barbaadde. Yohaannis nama balcha'aa fi woyyuu akka te'e beekee, Heroodis isa sodaatee waan eessisaa tureef, isiin ammoo isa ijjeesiisu'uuf hin dandeenne. Heroodis yennaa dubbii Yohaannisii dhage'e gadhaa lama te'e. Te'ulle inni yennaa hedduu gammadaan isa caqasaa ture.

21 Heroodis guyyaa jila qaabbii dhaloota ifiitiif jedhee qondaaltota gugurdoo biyya ifii, dura aantota worra woraanaatii fi Galiilaa keessatti worra beekkamaneef waamicha godhe irratti, Heroodiyaas karaa dhaggatte.
22 Intalti Heroodiyaasii ol seentee yennaa sirbite, Heroodisii fi keessummoota isaa gammachiitte. Heroodisille intalaan, «Waan barbaadde mara na gaafadhu; ani si'iif hin kennaa!» jedhe.
23 Ammalle, «Wol qixxee mootummaa tiyyaalle, waan ati na gaafatte mara si'iif hin kenna» jedhee kakate.

**6:17-18** Luq. 3:9-20

24 Maarre intalti gad baatee, «Maan gaafadha?»
jettee haadha ifii gaafatte. Haati ammoo, «Mataa
Yohaannisii cuupha'aa» jettee deebiteef.

25 Yennuma san intalti gara Heroodisii ariifattee
deebitee, «Ammuma tana mataa Yohaannisii cu-
upha'aa qori'itti akka ati naaf kennitu barbaada»
jetteen.

26 Waan kanaaf Heroodis akka malee gadde;
ammoo keessumoota ifii duratti kakuu waan
galeef jedhee, dubbii isi'ii diduu hin barbaanne.
27 Yennuma san Heroodis eedduu keessaa
lolticha tokko ergee, mataa Yohaannisii akka
fiduuf ajaje. Loltichi sun dhaqee mana hidha'aa
keessatti mataa Yohaannisii irraa kute.
28 Achiin duuba mataa isaa san qorii keessa
keyee fidee intalatti kenne; intaltille haadha ifi-
ititti kennite.
29 Barattooti isaa waan kana yennaa dhage'ane
reeffa isaa fuudhanee awwaalane.

### *Yesuus Nama Kuma Shanii Areere (Mat. 14:13-21; Luq. 9:10-17; Yoh. 6:1-14)*

30 Ergantooti gara Yesuusii yennaa deebi'ane,
waan hujanee fi waan barsiisane mara isatti hi-
mane.
31 Namooti hedduun kuun dhufaa kuun deemaa
waan jiranuuf, Yesuusii fi barattooti isaa yen-
naa areeratanulle dhabane. Tanaaf inni isaaniin,
«Ka'aa me takkaa addee qoommi'iititti baaneen
foorfattanii» jedhe.
32 Maarre isaan hobolo'oon qofuu addee
qoommi'ii dhaqane.
33 Namooti hedduun ammoo isaan
deemaaranuun dhagganee hubatane; worri

qachoota mara keessaa dhufane miilaan fiiganee
isaaniin dura achi geyane.
34 Yesuus qarqara bisaaniititti hoboloo keessaa
yennaa baye, gumii guddoo ta akka hoolota
tissee hin qannee fakkaattu dhaggee isi'ii gadde.
Maarre inni waan hedduu isaan barsiisiisa
jalqabe.
35 Yennaa latti galgaloотte barattooti isaa gara
isaa dhufanee, «Addeen tun urma†, lattille dhiit-
teerti.
36 Gumiin tun gara olla'aa fi oorruu as aananuu
kana dhaqanee, waan nyaatanu akka bitatanuuf
gad lakkisi!» jedhane.
37 Yesuus deebisee, «Isin waan nyaatanu isaaniif
kenna'a!» jedhe. Isaan ammoo, «Dhandhee min-
daa gara woggaa tokkootitti dhikaatuun‡ daabboo
binnee isaanii kenninaa ree?» jedhanee gaafa-
tane.
38 Jennaan inni, «Daabboo meeqa qaddan?
Dhaqa'aatii ilaala'a!» isaaniin jedhe. Isaan
meeqa akka teete beekaneen duuba, «Daabboo
xaltaa lama» jedhaneen.
39 Yesuus akka isaan namoota maraa cinna cin-
naan marra bisilee irra teessisanu barattoota ifi-
ititti hime.
40 Isaanille cinna dhibba dhibbaan, shantama
shantamaan tee'ane.
41 Yesuus xaltaa shanii fi qurxummii lamaan
fuudhee gara ol-gubba'aa ilaalee eebbise. Achiin
duuba xaltaa daabbo'oo san caccassee, kolba'aaf
akka qoodanu barattoota ifiititti kekenne. Inni

---

† **6:35** *Urma:* Ulma ‡ **6:37** *Mindaa gara woggaa tokkootitti dhikaatuun:* Beesee dinaaraa dhibbaan

qurxummii lamaan sanille akka nama mara geet-
tuuf kukkute.
42 Nami maraayyuu nyaatee quufe.
43 Barattooti isaa hambaa daabbo'ootii fi qurx-
ummi'ii kollonjoo kudhanii lama mijuu fuud-
hane.
44 Kolbaan sagalee san nyaatte dhiirti callaanuu
kuma shan.

### *Yesuus Bisaan Gubbaa Ideeme (Mat. 14:22-33; Yoh. 6:16-21)*

45 Yennuma san, Yesuus adoo kolbaa ifi irraa
geegessiisatti jiruu, barattooti isaa hoboloo yaa-
banee isaan dura abbaaya'aan gama gara Bet-
sayida'aa akka deebi'anee bu'anu tolche.
46 Inni kolbaa saniin nageyatti jedheen duuba
daadimatiisaaf gara gaaraa ol baye.
47 Yennaa galgalaalle inni qofuu achi jiraayyu;
hoboloon ammoo odduu abbaaya'aa jirti.
48 Bubbeen gara isaanii waan bubbitteef, shaff-
isa'aan bisaan gurduummataa§ rakkataa akka
turane dhagge. Halkan gara iyya lukku'uu ta
lammeesso'ootitti Yesuus bisaan gubbaa ideemaa
gara isaanii dhufee, cinaa isaanii akka dabaruu
te'e.
49 Yesuus bisaan gubbaa ideemuun barattooti
yennaa dhaggane, ekeraa seyanee iyyane.
50 Isaan maraa yennaa isa dhaggane
bararaqane. Yesuus ammoo yennuma san,
«Jabaadha'a! Wonni Ana; hin sodaatina'a!»
isaaniin jedhe.

---

§ **6:48** *Gurduummataa:* Laaqataa

51 Inni hoboloo isaanii yaabee jennaan,
bubbeen cadhitte. Barattooti akka malee
baaseffatane.
52 Qalbiin isaanii waan duuddeertuuf, isaan
baasa inni daabbo'oon hojjateeyyuu hubatuu hin
dandeenne.

### *Yesuus Genesaarexitti Worra Dhibame Fayyise (Mat. 14:34-36)*

53 Yesuusii fi barattooti yennaa hobolo'oon
abbaaya'aan gamatti qaxxaamuranee,
Genesaarexitti lafatti bayane, qarqara
bisaaniititti hoboloo hidhatane.
54 Akkuma isaan hoboloo keessaa bayaneen,
kolbaan Yesuus akka te'e beette.
55 Maarre isaan adaala godina sanii duudii
keessa fiiganee, addee inni achi jira jechuu
dhage'ane maratti, worra dhibamane rare'een
gara isaa fidane.
56 Addee Yesuus dhaqe, olloota, qachoota, oor-
ruu yookiin lafa dikko'oo maratti, worra dhiba-
maa gara lafa qaaleyaa yaasanee, handaaruma
woyaa isaalle tuqiisaaf isa kadhatane. Worri han-
daara woyaa isaa tuqane maraayyuu fayyane.

# 7

### *Seera Waaqaatii Fi Aadaa Maanguddo'oo (Mat. 15:1-9)*

1 Fariisaayotaa fi barsiisoti seera Muuse'ee
ka Yerusaalemii dhufane gariin, Yesuus biratti
wolitti qabamane.
2 Barattooti Yesuusii gariin, akka seera isaani-
ititti, harka dhiqachu'uun adoo ifi hin qulleessin
harka xuri'iitiin sagalee nyaatanuun dhaggane.

3 Worri Fariisaayotaa fi Yihudoota te'ane maraayyuu, aadaa maanguddoota isaanii waan ulfeessanuuf, harka ifii miidhassanee adoo hin dhiqatin hin nyaatanu.
4 Yennaa dikko'oo galanu adoo dhiqatanee ifi hin qulleessin hin nyaatanu.* Seerri abbootii isaanii ka isaan ulfeessanu ka dhibiille heddu'utti jira; meya itti unanu, meya bisaanii, meya sibiila diimaa irraa hojjatame, [taqeelle] hin dhiqan.
5 Tanaaf Fariisaayotii fi barsiisoti Seera Muuse'ee, «Barattooti teeti aadaa maanguddoota teennaa ulfeessuu didanee harka xuri'iitiin maaf sagalee nyaatan?» jedhanee Yesuus gaafatane.
6 Yesuus deebisee, «Isin kijiboole'e! Isaayaas marroo teessaniif: ‹Kolbaan tun afaaniin na ulfeessiti; gadhaan isi'ii ammoo na irraa fago'oo.
7 Aadaa namaa akka seera Waaqaatitti barsiisaa, na waaqonfatuun isaanii gatii hin qabu› jedhee ka raage dhuga'a.
8 «Isin ajaja Waaqaa ulfeessuu diddanee, aadaa namaa ulfeessitan» isaaniin jedhe.
9 Yesuus itti aansee, «Aadaa teessan hordofiisaaf jettanee ajaja Waaqaa didu'uuf mala dansaa qaddan.
10 Muuseen, ‹Haadhaa fi abbaa keeti ulfeessi!›, ‹Abbaa ifiitii fi haadha ifii ka abaaru ijjeefamuu ti› jedhee ajajeera.
11 Isin ammoo nami abba'aa fi haadha ifii gargaaru'uuf male tokko, isaaniin, wonni silaa isiniif kennu, ‹Qurbaana te'eera› akkas jechuun Waaqaaf kennameera yoo jedhe,

* 7:4 Hiikkaan gariin waan dikko'oo bitane mara adoo hin dhiqin hin nyaatanu

12 duuba inni deebi'ee abbaa ifiitii fi haadha ifi-
itiif waan tokkolle akka godhuuf hin eeyyantanu.
13 Aadaa teessan ta wol wolitti daddabarsitane
hordofu'uuf jecha Waaqaa lakkittane. Isin waan
hedduulle ta tana fakkaattu tolchitan» isaaniin
jedhe.

### *Waan Nama Batteessu (Mat. 15:10-20)*

14 Ammaalle Yesuus gumii gara ifii waamee,
«Isin martinuu waan ani jedhu caqasa'aatii
hubadha'a!
15 Wonni alaa gara afaan namaa seenu tokkolle
nama hin batteessu; wonni afaan namaa keessaa
bawu ammoo nama batteessa. [
16 Gurra dhage'u nami qabu dhage'uu ti]»
isaaniin jedhe.
17 Yennaa Yesuus gumii dhiisee gara manaa
seene, barattooti isaa akka inni mammaassa kana
hiiku isa gaafatane.
18 Inni ammoo, «Isinille akkuma worra kaanii
adoo hin hubatin jirtanii? Wonni alaa gara gad-
haa namaa galu maraa nama batteessiisa akka
hin dandeenne isin hin hubattanuu?
19 Sagaleen gara qalbii namaa hin seentu;
gara gadhaa namaa seentee nafa keessaa baati»
isaaniin jedhe. Tana jechu'uun sagaleen mart-
inuu nyaataaf qullittii akka teete beessise.
20 Yesuus itti aansee, «Waan qalbii namaa
keessaa bawutti nama batteessa.
21 Wonni qalbii namaa keessaa bawu: yaada
hamaa, sagaagaluu, hatuu, ijjeesuu,
22 gaarayyeeffatuu, joljoluu, hammeenna,
sobuu, fariisaa, hinaaffaa, maqaa balleessuu,
kooru'uu fi gowwu'u.

23 Wonni hantuun tun mara qalbii namaa
keessaa baatee nama batteessiti» jedhe.

### *Dhugeeffannaa Dubartii Takkaa (Mat. 15:21-28)*

24 Yesuus achii deemee gara biyya Xiiroosiitii fi
Sidoonii dhaqee, mana tokko seene. Akka inni
achi jiru eennulle akka beekuuf hin barbaanne;
ammoo dhokatiisaaf hin dandeenne.
25 Dubartiin takka, ta intalti isi'ii ayyaana
hama'aan qabanteertu, gurra Yesuusii dhageet-
tee, dhuttee miila isaatitti jidde.
26 Dubartittiin tun nama Giriikii ti; isiin lafa
Finiqee jedhantu ta biyya Sooriya'aa keessatti
dhalatte. Isiin akka durriisa intala isi'ii keessaa
baasuuf Yesuus kadhatte.
27 Yesuus ammoo, «Me qara ijoolleen nyaattee
quuttuu ti; sagalee ijoolle'ee fuudhanee sare'eef
qolaansuun dansa'aa moti» isi'iin jedhe.
28 Isiin ammoo deebittee, «Goottaa kiyya, sa-
reelle harcaa qorii ijoolle'ee keessaa harcaate
nyaatti» jetteen.
29 Yesuus deebisee, «Waan akkas dubbatteef,
durriisi intala teeti keessaa bayeera; gara mana
keetii deemi» isi'iin jedhe.
30 Dubartittiin gara manaa deebitee galtee, in-
tala isi'ii keessaa durriisi bayee, taqee irra irkat-
teertuun dhaggite.

### *Yesuus Namicha Gurra Duuda'aa Fayyise (Mat. 15:32-39)*

31 Achiin duuba Yesuus biyya adaala qachaa Xi-
iroosiitii ka'ee, karaa Sidooniitiin dabaree, biyya
qachoota kudhan jedhantu keessa bayee, gara
abbaayaa Galiila'aa dhaqe.

32 Jarri takka, namicha gurra duuda'aa ka
gikkisu tokko, gara Yesuusii fiddee, akka inni
harka ifii isa irra kewuuf kadhatte.
33 Yesuus namicha san gumii keessaa qofitti
baasee, quba ifii gurra isaa keessa keyee, tufee
arraba namichaa tuqe;
34 gara ol-gubba'aa ol ilaalee hafuura gabbaa
baafatee, «Efaataa» isaan jedhe. Akkas jechuun,
«Banami!» jechu'u.
35 Yennuma san, gurri namichaa banamee,
arrabi isaalle hiikamee akka dansaa dubbate.
36 Yesuus waan kana nama tokkolle'etti akka
hin hinne isaan seere; isaan ammoo adoo inni
isaan seeruu, ittuma caalchisanee odeessane.
37 Worri dhage'ane mara waan kana akka malee
jajanee, «Wonni inni tolchu marti dansa'a! Worri
gurra duude akka dhage'u, worri afaan duude
akka dubbatu hin tolcha» jedhane.

# 8

### *Yesuus Nama Kuma Afur Areere (Mat. 15:32-39)*

1 Gaafa tokko gumiin guddoon dhibiin Yesuus
biratti wolitti qabante. Isaan waan nyaatanu dha-
banee jennaan Yesuus barattoota ifii waamee,
2 «Kolbaan tun guyyaa sadiin na woliin turteerti;
sagaleelle waan hin qanneef, ani isaaniif hin
naya.
3 Isaan keessaa lafa fago'ootii worri dhufane
waan jiranuuf, adoo isaanii womaa hin areerin
gara manaa gala'aa yoo jedhe, kara'atti hin gagga-
ban» jedhe.

4 Barattooti isaa deebisanee, «Lafa goomole'ee tana keessatti sagalee kolbaa haganaa areeriisaaf geettu eessaa fuuna?» jedhaneen.

5 Yesuus, «Daabboo xaltaa meeqa qaddan?» jedhee gaafannaan, isaan, «Xaltaa torba» jedhaneen.

6 Inni gumiin sun lafa irra akka teettu ajajee, xaltaa torba san fuudhee, Waaqaaf galata galchee, caccassee, gumii saniif akka qoodanu barattoota ifiititti kenne; isaanille gumii saniif qoodane.

7 Isaan qurxummii* diqqoo tokkolle qaban. Yesuus qurxummii saniifille Waaqaaf galata galchee, akka qoodanu barattoota ifiititti hime.

8-9 Gumiin haga namoota kuma afurii sun martinuu nyaattee quuttee, hambaa hatte kollonjoo gugurdoo torba guutuu fuudhane. Yesuus akkuma kolbaa ifi irraa galcheen,

10 barattoota woliin hoboloo yaabbatee gara aanaa Dalmaanuta'aa dhaqe.

### *Worri Fariisaayotaa Beessisa Gaafate (Mat. 16:1-4)*

11 Fariisaayoti gara Yesuusii dhufanee, isa woliin mormiisa jalqabane. Isaan isa haga ilaaluu fedhanee, beessisa ol-gubba'aa akka isaanitti mudhisuuf gaafatane.

12 Inni ammoo hafuura gabbaa baafatee, «Dhalooti kun maaf beessisa gaafata? Ani dhugumaan isiniin jedha, dhaloota kanaaf beessisi hin kennamu!» jedhe.

13 Achiin duuba inni isaan lakkisee, ammalle hoboloo yaabbatee, gara abbaayaan gamaa bu'e.

---

* **8:7** *Qurxummii:* Qulxummii

### *Uukoo Fariisaayotaatii Fi Heroodisii (Mat. 16:5-12)*

14 Barattooti sagalee fidatiisa dedhanee,
hoboloo keessatti xaltaa tokko callaa qaban.
15 Yesuus isaaniin, «Ilaalladha'a! Uukoo worra
Fariisaayotaatii fi Heroodisii irraa ifi eegadha'a!»
jedhee ifi eeggachiise.
16 Isaan wol woliin, «Inni waan nuuti sagalee hin
qanneef akkana jedha» jedhanee dudubbatane.
17 Yesuus yaada isaanii beekee, «Maaf waan
dhaba sagalee teessanii dudubbattan? Isin haga
ammaa hin beennee? Qalbii hin qaddanuu?
18 Adoo ila qaddanuu hin dhaggitanuu? Adoo
gurra qaddanuu hin dhageettanuu? Isin hin qal-
beeffattanuu?
19 Yennaa ani daabboo xaltaa shanan namoota
kuma shaniif caccasse, hambaa hatte kollon-
joo guutuu meeqa fuutane?» jedhee gaafate.
Isaanille, «Kudhanii lama» jedhanee deebisane.
20 Yesuus itti aansee, «Yennaa xaltaa torba nama
kuma afuriif caccasse, hambaa hatte kollonjoo gu-
utuu meeqa fuutane?» jedhee gaafate. Isaanille,
«Torba» jedhaneen.
21 «Isin ammalle hin hubattanuu?» jedhee
gaafate.

### *Yesuus Beetisayida'atti Nama Ballaa Tokko Fayyise*

22 Yesuusii fi barattooti isaa gara Betsayida'aa
dhufane. Jarri takka achitti namicha ballaa tokko
gara Yesuusii fiddee, akka inni namicha harkaan
tuquuf kadhatte.

---

**8:15** Luq. 12:1

23 Yesuus namicha ballaa san harkaan qabee,
ollaa keessaa diidatti baasee, ila namichaatitti
tufee, harka ifii irra keyee, «Wo dhaggitaa?» jed-
hee gaafate.
24 Namichi midhatee ilaalee, «Ee, namoota
dhaggaara; ammoo akka muka ideemuu natti
fakkaatan» jedhe.
25 Yesuus ammalle harka ifii ila namichaa irra
keye. Yennaa tana namichi hubatee ilaale. Ilti
isaa fayyitee waan maraa miidhassee dhagge.
26 Kanaan duuba Yesuus, «Olla'atti hin deebi'in»
jedhee namicha gara mana isaa galche.

### *Pheexroos Ebeluu Yesuusii Hime (Mat. 16:13-20; Luq. 9:18-21; Yoh. 6:66-71)*

27 Yesuusii fi barattooti isaa gara olloota adaala
Qiisaariyaa Filiphoosii dhaqane. Inni adoo idee-
manuu kara'atti, «Namooti eennu anaan jedhan?»
jedhee isaan gaafate.
28 Isaanille, «Gariin Yohaannisii cuupha'a si'iin
jedhan; gariin Eliyaas si'iin jedhan; kuun am-
moo raagota keessaa tokko si'iin jedhan» jedha-
nee deebisaneef.
29 Yesuus, «Isin hoo, eennu anaan jettan?» jed-
hee isaan gaafate. Pheexroos deebisee, «Ati Kiris-
toos» jedheen.
30 Yesuus waan isaa eennulle'etti akka hin hinne
jabeessee isaan seere.

### *Yesuus Marroo Rakko'oo fi Du'a Ifii Dubbate (Mat. 16:21-28; Luq. 9:22-27)*

31 Yesuus, «Ilmi namaa jaarsolee biyyaa,
sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota Seera

**8:29** Yoh. 6:68-69

Muuse'eetiin guddoo hin rakkata. Inni jibbamee
hin ijjeefama; guyyaa sadiin duuba ammoo hin
ka'a» jedhee barattoota ifii barsiise.
32 Inni dubbii tana isaaniif ifa tolchee dubbate.
Pheexroos ammoo Yesuus cina'atti fuudhee, waan
akka sanii san akka hin dubbanne dhoogge.
33 Inni ammoo garagalee barattoota ifii ilaalee,
Pheexroosiin, «Seexana, na irraa bayyadhu! Ati
akka namaa malee, akka Waaqaa hin yaadattu»
jedhee xixe.
34 Achiin duuba Yesuus gumi'ii fi barattoota
gara ifii waamee, «Eennulle na hordofiisaaf yoo
barbaade, waan ifii lakkisee, fannoo ifiille ba'atee,
na hordofuu ti.
35 Nami jiruu ifii fayyifatiisa fedhu hin dhaba;
nami anaa fi Oduu Gammadaatiif† jedhee jiruu ifii
dhabu ammoo, jiruu ifii hin fayyifata.
36 Nami yoo waan lafa tanaa duudii qabaatee,
jiruu ifii yoo dhabe ammoo maan isaa baati?
37 Nami wodoo lubbuu ifiitiif maan kennuu
dande'a?
38 Nama dhaloota gaarayyeeffata'aa‡ fi cubba-
maa kana keessatti, anaa fi dubbii tiyyatti fokki-
fatutti, Ilmi namaa ulfinna Abbaa ifiitiin, ergan-
toota Waaqaa woyyoota woliin yennaa dhufu itti
hin fokkifata» jedhe.

# 9

1 Yesuus itti dabalee, «Dhugumaan isinitti hima;
namoota as dhaabbataneeranu kana keessaa,

† **8:35** *Oduu Gammadaatiif:* Wongeelaaf ‡ **8:38** *Dhaloota gaarayyeeffataa:* Dhaloota hin addatane, dhaloota gara gaggalaa

adoo hin du'in mootummaan Waaqaa, hunnaan dhutteertuun worri dhaggu jira» jedhe.

### *Bifa Jijjiiramuu Yesuusii (Mat. 17:1-13; Luq. 9:28-36)*

2 Yesuus guyyaa jaan duuba, Pheexroos, Yaaqoobii fi Yohaannis fudhatee, ol gara gaara tokkoo qofitti baase. Achitti inni isaan duratti jijjiiramee,
3 woyaan isaa eennulle nami lafa irraa ka woyaa borcu tokko dande'ee haga addeessuun caalaa adii calkii* teete.
4 Achiin duuba barattooti sadiin Eliyaasii fi Muuseen Yesuus woliin haasowanuun dhaggane.
5 Pheexroos Yesuusiin, «Barsiisa'a! Asitti dhaggamuun keenna nu'uuf dansa'a! Kowa'a gosee sadiin, takkattii si'iif, takkattii Muuse'eef, takkattii Eliyaasiif ijaarraa» jedheen.
6 Isaan akka malee waan sodaataneeranuuf, Pheexroos waan dubbateeyyuu hin beenne.
7 Achiin duuba duumensi dhufee gaaddisa ifiitiin isaan golle. Duumensa keessaa qoonqoon, «Kun Ilma kiyya ka an jaaladhu, isa dhage'aa!» jette.
8 Yennuma san yennaa isaan adaala ifii ilaalanu Yesuus qofa ifi biratti dhaggane malee, nama dhibii eennulle hin dhaggine.
9 Yesuusii fi barattooti isaa gaara irraa adoo gad bu'iisatti jiranuu, «Ilmi namaa haga du'aa ka'utti waan dhaggitane, nama tokkolle'etti hin himina'a» jedhee barattoota ifii seere.

---

* **9:3** *Addii calkii:* Adii dhaatii

10 Isaan dubbii isaa fudhatane; ammoo, «Du'aa
ka'iis kun maan inni?» jedhanee wol gagaafatane.
11 Barattooti isaa, «Maaf barsiisoti seeraa, ‹Eliya-
asitti dursee dhufa› jedhan?» jedhanee Yesuus
gaafatane.

12 Yesuus deebisee, «Akka waan mara miidhas-
suuf dhugumaan Eliyaas hin dhufa; ammoo Ilmi
Namaa akka guddoo rakkatuu fi jibbamuu ta bar-
reeffante ho ree?
13 Ani ammoo isinitti hima; Eliyaas dhufeera;
akkuma waan isaatiif barreeffantetti, namooti
waanuma fedhane isa tolchane» jedhe.

*Yesuus Mucaa Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise*

*(Mat. 17:14-21; Luq. 9:37-43)*

14 Yesuusii fi barattooti sadiin, gara barattoota
taanii yennaa deebi'anee dhufane, gumiin gud-
doon isaan marsitee, barsiisoti Seera Muuse'ee
isaan woliin moromanuun dhaggane.
15 Gumiin sun yennaa Yesuus dhaggite, akka
malee maadeffattee, gara isaa rukkittee nageya
fuute.
16 Yesuus, «Wonni isin irratti wol morontanu
maan inni?» jedhee isaan gaafate.

17 Gumii san keessaa namichi tokko deebisee,
«Barsiisa'a! Mucaan kiyya durriisa afaan du-
uchuun qabameeruun gara keeti fideera.
18 Yennaa durriisi itti ka'u mara lafatti isa
dhowa; afaan hoomacheessa, ilkaan qarsiisa, nafi
isaalle sooree goga. Ani akka barattooti teeti dur-
riisa kana baasanuuf gaafannaan, isaan ammoo
hin dandeenne» jedhe.

19 Yesuus deebisee, «E! Isin dhaloota hin dhuge-
effanne! Haga yoomii isin bira jiraadha? Haga
yoomii isin ossadha? Mucaa gara kiyya fida'a!»
isaaniin jedhe.
20 Isaanille mucaa san gara Yesuusii fidane.
Durriisi akkuma Yesuus dhaggeen, mucaa gajas-
siisee, lafatti dhowee, gangalachiisee, hoomacha
afaanii yaasisiise.
21 Yesuus, «Haga yoomiitii as akkana te'a?» jed-
hee abbaa muca'aa gaafate. Abbaan muca'aa
deebisee, «Ijoolluma'aan jalqabee ti.
22 Yennaa hedduu ibiddaa fi bisaan keessa bu-
usaa isa ijjeesiisaaf wodhaaneera. Ati ammoo
yoo dandeette, maganne'ee nu'uuf nayiitii nu gar-
gaar» jedhe.
23 Yesuus, «Maaf ‹Yoo dandeette› jetta? Nama
dhugeeffannaa qabuuf wonni marti hin
dande'anti» jedhee deebise.
24 Yennuma san abbaan muca'aa, «Ani dhugeef-
fannaa hin qaba. Ammoo ta caalte akka qabaad-
huuf na gargaar!» jedheen.
25 Yesuus gumiin ariifattee itti dachaatuun yen-
naa dhagge, ayyaana hama'aan, «Ati ayyaana
afaanii fi gurra duuda'aa! Ani si ajajaa isa keessaa
bayi; deebiteelle itti hin deebi'in» jedhee isa xixe.
26 Ayyaanni mucaa iyyisiisee, gajassiisee
keessaa baye. Mucaan akka reeffaa teenaan,
namooti hedduun, «Du'eera» jedhane.
27 Yesuus ammoo mucaa harka qabee lafaa ol
kaase; innille ol ka'ee dhaabbate.
28 Yesuus gara manaa seeneen duuba, barat-
tooti isaa, «Nuuti ayyaana hamaa san maaf baasuu
dadhanne?» jedhanee qofitti isa gaafatane.

29 Inni ammoo deebisee, «Ka akkanaa kun
daadimataa fi laamaan† malee hin bawu» isaaniin
jedhe.

### *Yesuus Ammalle Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Dubbate*
### *(Mat. 17:22-23; Luq. 9:43-45)*

30-31 Yesuusii fi barattooti isaa addee san
lakkisanee Galiilaa keessa dabarane. Yesuus, «Ilmi
Namaa harka worra isa ijjeesuutitti dabarfamee
hin kennama; isaanille isa hin ijjeesan; guyyaa
sadiin duuba ammoo hin ka'a» jedhaa barattoota
ifii waan barsiisiisatti jiruuf, eennulle addee inni
jiru akka beekuuf hin barbaanne.
32 Isaan ammoo wonna inni barsiise kana hin
hubanne; isa gaafachu'uufille sodaatane.

### *Ka Caalu Eennu Laati?*
### *(Mat. 18:1-5; Luq. 9:46-48)*

33 Yesuusii fi barattooti isaa Qifirnaahoom
dhaqanee, mana geyaneeranuun duubatti
Yesuus, «Kara'atti wonni isin irratti wol morontane
maan inni?» jedhee isaan gaafate.
34 Isaan ammoo, «Nu keessaa ka caalu eennu
laati?» jedhanee waan wol moromaneeranuuf
cadhisane.
35 Yesuus tee'een duuba barattoota kudhanii
lamaan gara ifii waamee, «Nami caalaa namaa
te'iisaaf barbaadu, gadee namaa te'ee, tajaajilaa
nama maraa te'uu ti» jedhe.
36 Achiin duuba Yesuus daa'ima tokko fuudhee
isaan dura dhaabbachiise. Inni isa habbaarratee,

† **9:29** *Laamaan:* Woraabbiin gariin laamaan ka jedhu hin dabalanu **9:34** Luq. 22:24

37 «Eennulle ka daa'ima diqqaa akkanaa kana
maqaa kiyyaan fudhatu, na fudhata; eennulle
ka ana fudhatu, ka na ergelle fudhata malee na
calla'aa moti» isaan jedhe.

### *Nami Nu'uun hin Mormine Golii Teenna (Luq. 9:49-50)*

38 Yohaannis Yesuusiin, «Barsiisa'a, namicha
tokko, ka maqaa keetiin durriisota baasu dhaggi-
nee, waan inni golii teenna te'uu dhabeef, nuuti
ammoo isa dhooggine» jedheen.
39 Yesuus ammoo, «Nami maqaa kiyyaan baasa
hojjatee deebi'ee ammoo, dafee hantuu tiyya dub-
batu waan hin jirreef, isa hin dhooggina'a.
40 Nami nu'uun hin mormine golii teenna.
41 Ani dhugumaan isiniin jedha, isin kiyya waan
teetaneef, maqaa kiyyaan nami bisaan unto'oo
xuuxxoo tokko isinii kennu gatii qaba.

### *Ataabiisa (Mat. 18:6-8; Luq. 17:1,2)*

42 «Eennulle worra didiqqaa na hordofu kana
keessaa tokkochi akka cubbuu tolchanuuf
ataabiisaa‡ mannaa, dhakaan daaku'uu guddaan
morma isaatitti hidhamee abbaayaa guddo'otti
adoo gatamee isaa woyya.
43 Harki keeti akka cubbuu tolchituuf, yoo si
ataabe ifi irraa kuti; harka lamaan qabaattee
gara qilee ibidda hin dhaannee galiisaa mannaa,
fafoottee gara jiru'uu galiisa si'iif woyya. [
44 Qilee san keessaa corroxxi nama nyaattu hin
duutu; ibiddille hin dhaamu.]§

---

‡ **9:42** *Ataabiisaa: Sababa te'iisaa, nunnusiisaa* **9:43** Mat. 5:30

§ **9:44** Woraabbiin gariin laakkossa 44 fi 46 hin qabanu

45 Miilli keeti akka cubbuu tolchituuf, yoo si
ataabe ifi irraa kuti; miila lamaan qabaattee gara
qile'ee gatamu'uu mannaa, fafoottee gara jiru'uu
galiisa si'iif woyya. [
46 Qilee san keessaa corroxxi nama nyaattu hin
duutu; ibiddille hin dhaamu.]
47 Ilti teeti akka cubbuu tolchituuf yoo si
ataadde ifi keessaa baasi; ila lamaan qabaattee
gara qile'ee gatamu'uu mannaa, ila takkattii
callaa qabaattee mootummaa Waaqaa galuu si'iif
woyya.
48 Qilee san keessaa corroxxi nama nyaattu hin
duutu; ibiddille hin dhaamu.
49 Nami martinuu ibiddaan kurowa.*
50 «Sooddi waan dansa'a; ammoo yoo inni ku-
raa ifi keessaa dhabe, maaniin isa deebittanee
kureessitan ree?

«Soodda ifi keessatti qabaadha'a; wolii keessani-
ifille nageya qabaadha'a!» jedhe.

# 10

*Yesuus Dhirsaa Fi Niitiin Akka Wol Hin Lakkinne Barsiise*

*(Mat. 19:1-12; Luq. 16:18)*

1 Yesuus addee sanii ka'ee gara biyya
Yihuda'aatii fi laga Yordaanosiitiin gama dhaqe.
Ammalle gumiin guddoon gara isaa dachaanaan,
inni akkuma aadaa ifii isaan barsiise.
2 Worri Fariisaayotaa tokko tokko Yesuus
dubbi'iin xaqariisaaf* fedhanee, gara isaa

---

**9:47** Mat. 5:29 * **9:49** Hiikkaan gariin akkuma ciincaan sooddaan qullowu, namille ibiddaan hin qullowa jedha **9:50** Mat. 5:13; Luq. 14:34-35 * **10:2** *Xaqariisaaf:* Qaxafiisaaf

dhufanee, «Nami tokko ibidda ifii baasuun
seeraa?» jedhanee gaafatane.
3 Yesuus deebisee, «Seerri Muuse'ee maan
jedha?» isaaniin jedhe.
4 Isaan deebisanee, «Muuseen ‹Nami tokko
woraqata lakkeessaa† barreessee akka lakkisuuf
eeyyameera› » jedhane.
5 Yesuus deebisee, «Muuseen sababa mataa
jabeenna keessaniitiif seera kana isinii barreesse.
6 Jalqabatti yennaa dadi dadantu, ‹Waaqi dhi-
iraa fi dubartii dade;›
7 ‹Waan kanaaf nami tokko abba'aa fi haadha ifii
lakkisee ibidda ifii woliin wol qabatan.
8 Isaan lachuu tokko te'an.› Maarre yoona isaan
foon tokko malee lamaanii moti.
9 Waan Waaqi wolitti qassiise nami gargar hin
baasin!» isaaniin jedhe.
10 Yennaa deebi'anee galane, manatti barattooti
isaa dubbii tana isa gaafatane.
11 Inni deebisee, «Eennulle ka ibidda ifii lakkisee
dubartii dhibii fuudhu, ibidda ifii dassee gaarayy-
eeffata.
12 Akkasuma dubartiin abbaa manaa ifii jalaa
baatee, nama dhibii heerumtu takka hin gaarayy-
eeffatti» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Ijoollee Didiqqoo Eebbise (Mat. 19:13-15; Luq. 18:15-17)*

13 Namooti gariin akka Yesuus harka ifiitiin
qaqqabee eebbisuuf, ijoollee didiqqoo gara isaa
fidane. Barattooti ammoo isaan dheekkamane.

† **10:4** *Woraqata lakkeessaa:* Akkuma Gujiin dibee ibidda ifii galchu, bara san woraqata lakkeessaa barreessanee ibidda ifii lakkisan yookiin galchan **10:4** Mat. 5:31

14 Yesuus yennaa waan kana dhagge aaree,
«Mootummaan Waaqaa waan ta worra akka ijoollee
tanaa teeteef, ijoolleen gara kiyya dhuttuutii, hin
dhooggina'aa lakkisa'a!
15 Ani dhugumaan isinitti hima; eennulle moo-
tummaa Waaqaa akka ijoolleen takka fudhattutti
ka hin fudhanne, itti hin galu» jedhe.
16 Achiin duuba ijoollee habbaarratee harka ifi-
itiin qaqqabee, isaan eebbise.

### *Namicha Dureessa Tokko (Mat. 19:16-30; Luq. 18:18-30)*

17 Yesuus ideemiisaaf ka'ee kara'atti bayeeruun,
namichi tokko gara isaa fiigee, isa duratti jilbiif-
fatee, «Barsiisaa dansa'a! Jiruu bara baraatitti gali-
isaaf ani maan tolchu'uu male?» jedhee gaafate.
18 Yesuus deebisee, «Maaf barsiisaa dansa'a
naan jetta? Waaqa tokkocha malee, nami
dansaan tokkolle hin jiru.
19 Ati seera ‹Hin ijjeesin, hin gaarayyeeffatin,
hin hatin, dharaan nama irratti dhugaa hin bayin,
hin sobin, abbaa keetii fi haadha teetiif ulfinna
kenni› jedhu hin beetta» jedheen.
20 Namichi deebisee, «Barsiisa'a! Ani seera kana
mara ijoollumma'aanuu jalqabee eegadheera»
jedheen.
21 Yesuus isa hubatee ilaalee jaalatee, «Waan
tokko calla'atti si irraa dhidhate. Dhaqii, waan
qaddu gurguriitii, worra hiyyeeyyi'iif kenni, ol-
gubba'atti hin duroontaa; achiin duuba koyiitii na
hordofi!» jedheen.

**10:15** Mat. 18:3

22 Namichi yennaa dubbii tana dhage'ee karra guddoo waan qabuuf, fuula ifii gurraachessee, gaddee achii deeme.
23 Yesuus adaala ifii ilaalee barattoota ifiitiin, «Worra dureeyyi'iif mootummaa Waaqaatitti galuun attam rakkisa'a!» jedhe.
24 Barattooti dubbii tana rifatane. Yesuus ammoo ammalle, «Ijoollee tiyya mootummaa Waaqaatitti galiisi attam attam rakko'o!
25 Nami dureessi tokko mootummaa Waaqaatitti galiisaan irra gaalli qowa limmo'oo‡ keessa hulluuqiisatti kaso'oo» isaaniin jedhe.
26 Barattooti Yesuusii akka malee dubbii tana baaseffatanee, «Yoona eennutti fayyuu dande'a ree?» jedhanee wol gagaafatane.
27 Yesuus gara isaanii ilaalee, «Tun Waaqaaf malee namaaf hin dande'antu; Waaqaaf wonni maraa hin dande'anti» jedhe.
28 Jennaan Pheexroos, «Kunoo, nuuti waan maraa lakkinnee si hordonneerra» jedheen.
29 Yesuus deebisee, «Dhugumaan isinitti hima; eennulle mana yookiin obboleeyyan yookiin obboleettota yookiin haadha yookiin abbaa yookiin ijoollee yookiin fichaa anaa fi Oduu Gammadaatiif jedhee ka lakkise,
30 lafuma tanatti manoota, obboleeyyan, obboleettota, haadhotii, ijoolle'ee fi fichoota harka dhibbaan caalaa miidhaa woliin hin fudhata; lafa dhuttulle'etti jiruu bara baraa hin qabaata.
31 Ammoo worri hedduun amma dura jiranu, worra duubaa hin te'an; worri hedduun amma duuba jiranu worra duraa hin te'an» jedhe.

‡ **10:25** *Limmo'oo:* Marfe'ee **10:31** Mat. 20:16

### *Yesuus Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Sadeessoo Dubbate*
*(Mat. 20:17-19; Luq. 18:31-34)*

32 Yesuusii fi barattooti isaa Yerusaalem dhaqi-
isaaf kara'atti bayanee ol qabatanuun, Yesuus
isaaniin dura ideemuun, barattooti maadeffa-
tanee, worri duubaan hordofiisatti jirulle so-
daatane. Inni ammoo worra kudhanii lamaan
ammalle maddi'itti baasee, waan isatti dhufu'uuf
jiru isaanitti hime.
33 Inni isaaniin «Kunoo, gara Yerusaalemii ol
bayaarra; Ilmi Namaa harka sooreyyii hayy-
ootaatii fi barsiisota Seera Muuse'eetitti dabar-
famee hin kennama. Isaan du'a itti muranee,
worra Yihudoota hin te'initti§ dabarsanee isa hin
kennan;
34 isaan isa hin ceeggatan, itti hin tufan, dhaana-
nee hin ijjeesan; ammoo guyyaa sadiin duuba
du'aa hin ka'a» jedhe.

### *Gaaffii Ilmaan Zabdewoosii*
*(Mat. 20:20-28)*

35 Ilmaan Zabdewoosii Yaaqoobii fi Yohaannis
gara Yesuusii dhufanee, «Barsiisa'a! Nuuti akka
ati nuuf tolchituuf waan barbaannutti jira» jedha-
neen.
36 Yesuus, «Akka ani isinii tolchuuf wonni isin
barbaaddanu maan isiin?» isaaniin jedhe.
37 Isaan deebisanee, «Yennaa barcumaa keeti
ka mootummaa ulfinnaa irra teette, tokko midda
keetitti, tokko bitaa keetitti akka teennu bar-
baanna» jedhaneen.

---

§ **10:33** *Worra Yihudoota hin te'initti:* Ormatti

38 Yesuus ammoo, «Isin waan gaafattanu hin
beettanu! Muduunuu* rakko'oo ta ani itti unutti
unuu hin dandeettanii? Akka ani cuuphamu cu-
uphamuu hin dandeettanii?» isaaniin jedhe.
39 Isaan, «Hin dandeenna» jedhaneen.
Yesuus, «Isin dhugumaan muduunuu ani itti
unutti unuu hin dandeettan, akka ani cuuphamu
cuuphamuu hin dandeettan.
40 Middaa fi bitaa kiyyatti filee ka teessisu am-
moo anaa moti; addee tana worra qophootteer-
tuuf ka kennu Waaqa» isaaniin jedhe.
41 Barattooti kudhan hafane kuun yennaa
waan kana dhage'ane, Yaaqoobii fi Yohaannisitti
aarane.
42 Yesuus ammoo gara ifii isaan waamee,
«Mootoleen worra Yihudoota hin te'inii, worra
mowanu hunnaan akka mowanu, bulchooti
isaaniille baallii guutu'uun akka bulchanu isinuu
hin beettan.
43 Isin oddu'utti ammoo akkas hin te'u; eennulle
isin keessaa nama guddaa te'iisaaf ka barbaadu,
tajaajilaa keessan te'uu ti.
44 Eennulle isin keessaa nama namaan duraa
te'iisaaf ka barbaadu, garbicha nama maraa te'uu
ti.
45 Ilmi namaa tajaajiliisaaf, namoota hedduulle
wodiisaaf lubbuu ifii kenniisaaf dhufe malee, ta-
jaajilamiisaaf hin dhunne» jedhe.

### *Yesuus Barxiimewoosii Ila Balla'aa Fayyise (Mat. 20:29-34; Luq. 18:35-43)*

46 Yesuusii fi barattooti isaa Yerikoo dhaqane.
Isaan gumii guddo'oon woliin yennaa Yerikoo

---

* **10:38** Muduunuu: Buduunuu, kobolaa **10:38** Luq. 12:50

lakkisanee bayane, namichi ila balla'aa kad-
hatichi tokko ka Barxiimewoos jedhamu, ilmi
Ximeewoosii karaa qarqara tee'eera.
47 Inni Yesuus nama biyya Naaziretii akka te'e
yennaa dhage'e, «Yesuus! Ilma Daawitii naaf
nayi!» jedhee iyye.
48 Namooti hedduun isa cadhisiisiisaaf xix-
ane; inni ammoo ittuma caalchisee qoonqoo
guddo'oon, «Ilma Daawitii, naaf nayi» jedhee iyye.
49 Yesuus dhaabbatee, «Isa as waama'a!» jedhe.
Jennaan isaan namicha waamanee, «Inni si
waamiisatti jira, jabaadhu! Ka'i!» jedhaneen.
50 Maarre inni geelaa† ifi irraa gatee, utaalee
ka'ee, gara Yesuusii dhufe.
51 Yesuus, «Maan akka ani si'iif godhu bar-
baadda?» jedhee isa gaafate. Namichi ballaan
deebisee, «Barsiisa'a! Ani dhaggiisaaf barbaada»
jedheen.
52 Yesuusille isaan, «Dhugeeffannaan teeti si
fayyicheerti deemi!» jedhe.

# 11

## *Yesuus Ulfinna Gudda'aan Yerusaalem Seene (Mat. 21:1-11; Luq. 19:28-40; Yoh. 12:12-19)*

1 Isaan akkuma Yerusaalemitti dhikaataneen,
Betfaage'ee fi Bitaaniya'atti, gaara Ejersaa bira
geyane. Yesuus barattoota ifii keessaa nama
lamaaniin,

---

† **10:50** *Geelaa:* Kaabbaa kadhaa

2 «Gara ollaa isiniin dura jiruu dhaqa'a; akkuma
achi geettaneen ilmayyoo harre'ee mandiida*
hidhameeruun hin dhaggitan; hiika'aatii as fida'a.
3 Eennulle ‹Maaf hiittan?› jedhee yoo isin
gaafate, ‹Gootta'atti barbaada; inni adoo hin turin
hin deebisa› jedha'aan» jedhee erge.

4 Maarre isaan dhaqanee, ilmayyoo harre'ee
balbala takka duratti, karaa qarqaratti
hidhameeruun dhaggane. Adoo isaan hiikiisatti
jiranuu,
5 worra achi dhaabbataneeranu keessaa
namooti gariin, «Maaf ilmayyoo harre'ee hiittan?»
jedhanee isaan gaafatane.
6 Barattootille waan Yesuus jedhe isaanitti hi-
mane; isaanille lakkisane.
7 Barattooti ilmayyoo harre'ee gara Yesuusii fi-
danee, woyaa ifii harree irra buusane; innille irra
tee'e.
8 Nami hedduun uffana ifii, worri dhibiin
dameelee baalaa raaqaa caccassanee karaa irratti
afane.
9 Worri dura ideemanuu fi worri duubaan hord-
ofanu, «Hosaa'inaa!† maqaa Gootta'aatiin ka dhufu
ka eebbifame!
10 Mootummaan abbaa keenna Daawitii ta
dhuttu ta eebbifante! Ol-gubba'atti Hosaa'inaa!»
qoonqoo guddo'oon jedhane.

11 Yesuus Yerusaalem geyee, Galma Waaqaa
dhaqee, waan adaala sanii mara ilaale. Am-

* **11:2** *Mandiida:* Ijjumaa ka irra tee'anee hin beenne
† **11:9** *Hosaa'inaa:* Hosaa'inaa jedhuun fayyisi jechuu yennaa te'u, asitti ammoo Waaqi galatoomu yookiin hashuu yaada jedhulle qaba

moo waan dhiiteertuuf barattoota ifii kudhanii lamaan wolii gara Bitaaniya'aa dhaqe.

### *Yesuus Muka Harru'uu Tokko Abaare (Mat. 21:18-19)*

12 Guyyaa lammeesso'oo yennaa isaan
Bitaaniya'aa deebi'anu Yesuus beelaye.
13 Inni harruu urruuba takka fago'otti dhaggee, midhaan irraa dhaggadhaa laati jedhee, ilaali-isaaf dhaqe. Ammoo inni yennaa isii bira geye, yennaan sun yennaa harruun midhaan buuttu waan te'uu dhabeef, baala malee waan tokkolle irraa dhabe.
14 Maarre Yesuus harruu saniin, «Eennulle ijju-
maa deebi'ee midhaan si irraa hin nyaatin!» jedhe. Barattooti isaalle waan inni jedhe kana dhage'ane.

### *Yesuus Gara Galma Waaqaa Dhaqe (Mat. 21:12-17; Luq. 19:45-48; Yoh. 2:12-22)*

15 Yennaa isaan Yerusaalem geyane, Yesuus
gara Galma Waaqaa dhaqee, worra Galma Waaqaa keessatti wo bituu fi gurguratu mara gad yaase. Inni Xarapheessaa worra birrii jijjiiratuutii fi barcumaa worra saphaliisa gurguratuu garaggaggalchee,
16 eennulle dalleya Galma Waaqaa keessa meya
tokkolle ba'atee akka hin qaxxaamurre dhoogge.
17 Achiin duuba inni, « ‹Manni kiyya gosa
maraafuu mana daadimataa te'a› jedhamee barreeffameera. Isin ammoo goda hattuun itti dhokattu tolchitane» jedhee kolbaa barsiise.
18 Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera
Muuse'ee, waan Yesuus jedhe dhage'anee, mala

isa ittiin ijjeesanu barbaadiisatti ka'ane. Waan gumiin barsiisa isaa akka malee baaseffatteertuuf, isaan isa sodaatane.
19 Galgala san, Yesuusii fi barattooti isaa qacha'aa bayane.

### *Gogiisa Muka Harru'uu (Mat. 21:20-22)*

20 Guyyaa lammeesso'oo ganama, adoo karaa san dabaranuu, harruun hidda isi'ii mara woliin goddeertuun dhaggane.
21 Pheexroos waan Yesuus harru'uun jedheeru qaabatee, «Barsiisa'a, ilaali! Harruun ati abaarte goddeerti» Yesuusiin jedhe.
22 Yesuusille deebisee, «Waaqatti dhugeeffadha'a.
23 Dhugumaan isiniin jedha; eennulle gadhaa ifiititti adoo hin mamin gaara kanaan, ‹Asii ka'iitii, gara abbaaya'aa ifi darbi!› yoo jedhe, wonni inni jedhulle akka teetuuf yoo dhugeeffate, wonni sun isaaf hin teeti.
24 Tanaaf ani isinitti hima; yennaa daadimattanuu fi waan tokko gaafattanu, akka fudhattaneetitti dhugeeffadha'a; wonni gaafattanu mara isiniif hin kennama.
25 «Yennaa daadimatiisaaf kaatanee dhaabbattanu, abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru yakkaa keessan akka isinii araaramu, eennulle irratti quuqaa yoo qabaattane araarama'a. [
26 Ammoo yoo isin namaa araaramuu diddane, abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru yakkaa keessan isinii hin araaramu]‡» jedhe.

---

**11:23** Mat. 17:23; 1 Qor. 13:2 **11:25** Mat. 6:14-15 ‡ **11:26** Woraabbiin gariin laakkossa 26 hin qabanu

### *Gaaffii Marroo Baallii Yesuusii (Mat. 21:23-27; Luq. 20:1-8)*

27 Isaan ammalle Yerusaalemitti deebi'ane.
Yesuus Galma Waaqaa keessa adoo deddeemuu,
sooreyyii hayyootaa, barsiisoti Seera Muuse'eetii
fi jaarsoleen gara isaa dhufanee,
28 «Waan kana mara tolchiisaaf baallii maanii
qadda? Waan kana mara akka tolchituuf eennutti
baallii tana si'iif kenne?» jedhane.
29 Yesuus deebisee, «Ani waan tokko isin
gaafadha; yoo naaf deebittane, anille baallii
maaniitiin waan kana mara akka tolchu isinitti
hima.
30 Yohaannis akka cuuphuuf baallii eennutti
kenneef? Waaqa mo'o nama? Me naaf deebisa'a!»
isaaniin jedhe.
31 Isaan wol mormanee, «Waaqa yoo jenne,
‹Maaf dubbii Yohaannisii dhugeeffata diddane
ree?› nu'uun jedha;
32 ‹Nama jennuu ree?› » jedhane. Nami mara
Yohaannis akka dhugumaan raagichaatitti waan
fudhateeruuf, kolbaa sodaatane.
33 Tanaaf isaan Yesuusiin, «Nuuti hin beennu»
jedhane. Yesuus deebisee, «Maarre anille baallii
maaniitiin waan kana mara akka tolchu isinitti
hin himu» isaaniin jedhe.

# 12

### *Mammaassa Qonnaan Bultoota Fichaa Woyni'ii (Mat. 21:33-46; Luq. 20:9-19)*

1 Achiin duuba Yesuus isaanitti mammaakee,
«Namichi tokko muka woyni'ii fichaa ifiititti

dhaabee, dalleya itti marsee ijaaree, boolla midhaan isi'ii itti cunfu qotee, xelleephoo irra tee'anee eeganu ijaare. Achiin duuba qonnaan bultootatti kireessee, biyya san lakkisee deeme.
2 Yennaan midhaan muka woyni'ii guuranu geennaan, midhaan fudhatiisaaf hojjataa tokko gara qonnaan bultoota ifii erge.
3 Qonnaan bultooti sun isa qabanee, dhaananee harka duwwaa ari'ane.
4 Abbaan muka woyni'ii ammalle hojjataa dhibii gara isaanii erge; qonnaan bultooti mataa isaa dachaanee* qaanessane.
5 Abbaan muka woyni'ii ammalle hojjataa dhibii gara isaanii erge; isalle ijjeesane; worra dhibiille akkuma kana kaan dhaananee, kaan ijjeesane.
6 Abbaan muka woyni'ii ilma guddoo jaalatu tokko qaba. Muummee irratti, ‹Ilma kiyya hin ulfeessan› jedhee, isa gara isaanii erge.
7 Qonnaan bultooti sun ammoo, ‹Ka abbaa fichaa muka woyni'ii dhaalu isaa kana; kowa'a isa ijjeennaa, dhaalli nu'uuf hin te'a› woliin jedhane.
8 Maarre isaan ilma abbaa fichaa muka woyni'ii qabanee ijjeesanee, fichaa woyni'ii keessaa alatti qolaansane.
9 «Yoona abbaan fichaa muka woyni'ii maan godha ree? Inni hin dhufa; qonnaan bultoota san hin ijjeesa; fichaa muka woyni'ii san, worra dhibi'itti hin kennata.
10 Isin Barreeffama Woyyicha keessatti ‹Dhakaan worri mana ijaaru tuffate, dhakaa dhakaa mara caalaa barbaadamu te'e.

---

* **12:4** *Dachaanee:* Fadhaansanee

11 Wonni kun waan Goottaan tolche; ila teen-
nalle'etti waan baasaa ti;› ta jettu hin dubbinnee?»
jedhee gaafate.
12 Bulchitooti Yihudootaa mammaassa kana
akka Yesuus isaaniif mammaake beekanee, isa
qabiisaaf barbaadane; ammoo gumii waan so-
daataneef isa lakkisanee deemane.

### *Gaaffii Marroo Kaffaliisa Gibiraa (Mat. 22:15-22; Luq. 20:20-26)*

13 Isaan waan inni dubbatuun isa xaqaru'uuf
jedhanee, worra Fariisaayotaatii fi golii Herood-
isii keessaa jara tokko Yesuusitti ergane.
14 Worri ergamane dhufanee, «Barsiisa'a! Akka
ati dhugaa dubbattu nuuti hin beenna; nama
tokkolle hin sodaattu; karaa Waaqaa dhuga'aan
barsiitta malee, nama wol hin caalchittu.
Mooticha mootota worra Rooma'aatiif gibira
kaffaluun seera moo seeraa moti? Hin kaffalla
moo hin kaffallu?» jedhaneen.
15 Inni ammoo kijiba isaanii beekee, «Isin maaf
na xaqariisaaf wodhaantan? Me hin ilaalaa,
beesee san fida'a!» jedheen.
16 Isaan beesee itti finnaan, «Fakki'ii fi maqaan
irra jiru kun ka eennuuti?» jedhee gaafate.
Isaanille, «Ka mooticha mootota worra Rooma'aa
ti» jedhaneen.
17 Maarre Yesuus isaaniin, «Ka mootichaa
mootichaaf, ka Waaqaa Waaqaaf kenna'a!» jedhe;
isaanille isa baaseffatane.

### *Gaaffii Marroo Du'aa Ka'iisaa (Mat. 22:23-33; Luq. 20:27-40)*

18 Saduqooti gariin, worri du'aa ka'iis hin jiru
jedhanu gara Yesuusii dhufanee,

19 «Barsiisa'a! Muuseen, ‹Nami tokko niitii
fuudhee adoo hin uumatin yoo isii irraa du'e,
obboleessi isaa dubartii san dhaalee sanyii
obboleessa ifiitiif dabarsuu ti!› jedhee Seera
keessatti nu'uuf barreesseera.
20 Obboleeyyan torbaan tokko jiran; angafichi
isaanii niitii fuudhee ijoollee adoo hin uumatin
du'e.
21 Obboleessi isatti aanulle dubartuma san
dhaalee, ijoollee adoo hin uumatin du'e; ob-
boleessi sadeesso'oolle akkasuma isii dhaalee ir-
raa du'e.
22 Isaan torbaanuu dubartuma san fuudhanee,
ammoo ijoollee adoo hin uumatin irraa du'ane.
Muummee irratti dubartiin sunille duute.
23 Isaan torbaanuu niitumma'aan isii fuud-
haneeranii, guyyaa worri du'ane ka'anu isaan
keessaa kamiif niitii teeti?» jedhanee isa gaafa-
tane.
24 Yesuus isaaniin, «Isin akka malee
dokonkortane! Maaf akka teete beettanii? Wonni
akkana teeteef, isin Barreeffama Woyyicha
yookiin hunna Waaqaa hin beettanu.
25 Yennaa worri du'ane ka'anu, isaan akka er-
gantoota ol-gubba'aa te'an malee, hin fuudhanu,
hin heerumanulle'e.
26 Marroo ka'iisa worra du'anee: Kitaaba
Muuse'ee keessatti addee waan tusee gubattuu
dubbattu hin dubbinnee? Achitti ta barreeffante,
Waaqi Muuse'een, ‹Ani Waaqa Abraamii, Waaqa
Yisihaqiitii fi Waaqa Yaaqoobii ti› jedhe.
27 Inni Waaqa worra jira'aa ti malee, Waaqa
worra du'a'aatii moti. Isin akka malee dokonko-
rtane» jedhe.

### *Ajaja Guddicha*
### *(Mat. 22:34-40; Luq. 10:25-28)*

28 Barsiisota Seera Muuse'ee keessaa tokko yennaa isaan wol mormanu achi jira. Yesuus deebii dansaa akka deebiseef dhaggee, gara isaa dhufee, «Ajaja mara keessaa guddichi kam?» jedhee Yesuus gaafate.
29 Yesuus, «Ajaji guddichi, ‹Israa'el, dhage'i! Goottaan Waaqi keenna Goottaa tokkocha.
30 Goottaa Waaqa keeti gadhaa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'iin, qalbii teeti takkatti'iin, hunna teeti takkatti'iin› jaaladhu.
31 Ajaji guddichi lammeesso'oo, ‹Nama mara akka mataa keetii jaaladhu› ka jedhu kana. Ajaji guddichi isaan lamaan kana caalu ka dhibiin hin jiru» jedhe.
32 Barsiisaan Seera Muuse'ee Yesuusiin, «Barsiisa'a! Dansaa dubbatte; ‹Goottaa Waaqa tokkocha malee, Waaqi dhibiin hin jiru› jettee ka dubbate dhuga'a.
33 Waaqa gadhaa tokkochaan, qalbii takkatti'iin, hunna takkatti'iin jaalatiisii fi ollaa ifii akka mataa ifii jaalatiis, woreega ciinca'aatii fi woreega dhibii Waaqaaf dhiyeessuu caala» jedhe.
34 Yesuus akka inni qarumma'aan deebise dhaggee, «Ati mootummaa Waaqaa irraa fagoo hin jirtu» jedheen. Eegii san nami tokkolle gaaffii dhibii isa gaafatiisaaf itti hin gamne.

### *Gaaffii Marroo Masiihii*
### *(Mat. 22:24-46; Luq. 20:41-44)*

**12:28** Luq. 10:25-28

35 Adoo Galma waaqaa keessatti barsiisiisatti
jiruu, «Attamiin barsiisoti Seera Muuse'ee, ‹Mesi-
ihiin ilma Daawitii ti› jechuu dande'an?
36 Ayyaanni Woyyichi akka Daawiti, ‹Waaqi
Goottaa kiyyaan, diinota keeti miila keeti jalatti,
haga Ani si'iif kewutti, midda kiyyatti tee'i›
jedhu'uuf akeekeera.
37 Daawiti ifiifuu, ‹Goottaa kiyya› jedhee yoo
isa waame, attamiin Mesiihiin ilma Daawitii te'uu
dande'a?» jedhee gaafate.

Gumiin guddoon gammadaan isaa dhageette.

### *Yesuus Barsiisota Seera Muuse'ee Irraa Ifii Eeggachiise*
### *(Mat. 23:1-36; Luq. 20:45-47)*

38 Yesuus adoo isaan barsiisuu, «Barsiisota Seera
Muuse'ee, ka woyaa dheertuu uffatanee asii fi
achi deemaa, addee dikko'ootitti akka nageya
ulfinnaa isaan fuudhanu jaalatanu,
39 Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti
barcumaa duraa, lafa jilaatitti addee ulfinnaa,
worra filatu irraa ifi eeggadha'a!
40 Isaan daadimata dheertuu daadimatanu
mudhisiisaan, mana haadhotii hiyyeessaa†
sossanee itti aalatiisaaf dheeressanee
daadimatan» jedhe.

### *Kennaa Haadha Hiyyeessaa*
### *(Luq. 21:1-4)*

41 Yesuus Galma Waaqaa keessatti cinaa subba
kennansa keessa buusanuu tee'ee, akka kolbaan

† **12:40** *Haadhotii hiyyeessaa:* Dubartoota abbootiin worra irraa du'ane

beesee ifii keessa buuttu ilaale. Dureeyyiin hed-
duun beesee guddoo keessa buutte;
42 achiin duuba haati hiyyeessaa hiyyeettiin
takka dhuttee beesee sibiila diima'aa didiqqoo
lamaan, ta gatiin isi'ii akka malee diqqo'oo keessa
buutte.
43 Yesuus barattoota ifii waamee, «Ani dhugu-
maan isinitti hima! Haati hiyyeessaa hiyyeettiin
tun worra dhibii mara caalaa subba kennansaa
keessa buutte jedhe.
44 Worri dhibiin qabeenna guddaa qabanu irraa
ka hafe subba keessa buusane; isiin ammoo adoo
hiyyeetti'iituu, waan qaddu mara ka ittiin bultu
subba san keessa buutte» jedhe.

# 13

### *Yesuus Diigamiisa Galma Waaqaa Dubbate*
### *(Mat. 24:1-2; Luq. 21:5-6)*

1 Adoo Yesuus Galma Waaqaatii bayiisatti jiruu,
barattoota isaa keessaa tokkochi isaan, «Barsiisa'a,
ilaali! Dhakooti gugurdaan kunii fi ijaarsi gugur-
daan kun attam dansa'a!» jedhe.
2 Yesuus, «Ati ijaarsa gugurdaa kana dhaggitaa?
Isaan maraa hin diigaman; tokkochi isaaniille wol
irratti hin hafanu» jedheen.

### *Beessisa Bara Muumme'ee*

3 Yesuus gaara Ejersaa gubba'aa gara Galma
Waaqaa gamatti garagalee tee'uun Pheexroos,
Yaaqoob, Yohaannisii fi Indiryaas qofitti gara isaa
dhufanee,
4 «Nutti himi, wonni kun yoom teeti? Wonni kun
mara te'iisaaf beessisi te'uuf jiru maan?» jedha-
nee gaafatane.

5 Yesuus isaaniin, «Eennulle akka isin hin
dokonkorsine ifi eeggadha'a!
6 Namooti hedduun, ‹Ani Kiristoos› jedhaa
maqaa kiyyaan hin dhufan; namoota hedduulle
hin dokonkorsan.
7 Woraanaa fi oduu woraanaa yennaa dhageet-
tane, hin sodaatina'a. Wonni akkasii kun te'uu
qaddi; kun ammoo muumme'ee moti.
8 Gosi gosatti, mootummaan mootumma'atti
hin kaati; latti addee heddu'uun hin tachooti;
beeltille hin teeti. Ammoo kun akka ciniinsuu
jalqabaa ti.
9 «Isin ifi eeggachuu qaddan. Qabanee gara
mura'aa isin hin geessan; Mana Waaqonfannaa
Yihudootaa keessatti isin hin dhaanan. Akka naaf
dhugaa teetanu*, naaf jettanee bulchitootaa fi
mootota dura hin dhaabbattan.
10 Ammoo muummeen dhufiisaan dura, Oduun
Gammadaa kolbaa maraaf lallabamuu qaddi.
11 «Yennaa qabanee gara mura'aa isin geessane,
‹Maan dubbanna laati?› jedhaa dursitanee hin
yaadina'a. Ammoo waanuma yennaa san isinii
kenname dubbadha'a; dubbii isin dubbattanu ka
dubbatu Ayyaana Woyyicha malee isinii moti.
12 Obboleessi obboleessa, abbaalle ilma gara
du'aa dabarsee hin kenna. Ijoolleen worra ifiititti
kaatee hin ijjeesisiitti.
13 Nami martinuu sababa kiyyaaf isin jibba.
Haga muumme'ee ka ossatu ammoo hin fayya.

### *Farra Badi'ii*
### *(Mat. 24:15-28; Luq. 21:20-24)*

---

* **13:9** *Akka naaf dhugaa teetanu:* Akka Oduu Gammadaa yookiin marroo dhugeeffannaa teessanii itti hintanu **13:13** Mat. 10:22

14 «Isin, ‹Farra badi'ii› addee dhaabbatu'uu hin
malle dhaabbatuun hin dhaggittan; kana ka dub-
bisu hubatuu ti. Worri Yihudaa keessa jiru gara
gaarotaa baqatuu ti.
15 Nami mana gubbaa jiru, gad bu'ee mana see-
nee, wo fudhatiisaaf yennaa hin dabarsin.
16 Nami fichaa keessa jiru, woya'aaf gara manaa
hin deebi'in.
17 Guyyooti sun dubartoota ulfaatii fi
hoosisaatiif attam sodaachisa'a!
18 Wonni kun ganna keessa akka hin teene
daadimadha'a!
19 Guyyooti sun guyyoota rakkinni hamaan itti
te'u. Rakkinni akkasii yennaa Waaqi biyyaa lafaa
dadeen jalqabee haga ammaatitti ijjumaa te'ee
hin beeku. Deebi'eelle hin te'u.
20 Adoo Goottaan guyyaa san gabaassuu
dhabaatee, nami tokkolle hin hafu. Kolbaa ifii
filateef jedhee, inni guyyaa san gabaasse.
21 «Yennaa san eennulle isiniin, ‹Ilaala'a! Kiris-
toos as jira!› yookiin ‹Ilaala'a! Achi jira!› yoo jedhe
itti hin dhugeeffatina'a.
22 Masiihooti dharaatii fi raagoti dharaa hin
ka'an. Isaan yoo dande'ane kolbaa Waaqi filatelle
dokonkoriisaaf baasaa fi bilbaasa hujan.
23 If eeggadha'a! Ani dursee waan maraa isinii
himeera.

### *Dhufiisa Ilma Namaa*
### *(Mat. 24:29-31; Luq. 21:25-28)*

24 «Guyyootuma san keessa, yennaa rakko'oo
saniin duuba, aduun hin dukkanti; jiinille
deebi'ee hin ifu.

25 Urjooti ol-gubbaa irraa hin harcaati; hunni ol-
gubba'aa hin raafanti.
26 Achiin duuba Ilmi Namaa, hunna guddo'oo fi
ulfinnaan duumensa keessa dhufuun dhaggitan.
27 Inni ergantoota Waaqaa maddii arfan
lafaatitti ergee, kolbaa Waaqi filate qaccee biyya
lafaa mara irraa wolitti qaban.

### *Barumsa Muka Harru'uu*
### *(Mat. 24:32-35; Luq. 21:29-33)*

28 «Muka harru'uu irraa barumsa baradha'a.
Yennaa dameeleen isi'ii quunxituu fi baala baattu,
bonni akka dhiyaate beettan.
29 Akkasuma isinille wonni kun teetuun yoo
dhaggitane, akka inni balbalatti dhiyaate hin
beettan.
30 Ani dhugumaan isinitti hima; wonni kun
maraa haga teetutti dhalooti amma jiru kun hin
taru.
31 Ol-gubba'aa fi latti hin taran; jechi kiyya am-
moo ijjumaa hin taru.

### *Guyyaa Yookiin Yennaa San Eennulle Hin Beeku*
### *(Mat. 24:36-44)*

32 «Guyyaa san yookiin yennaa san eennulle hin
beeku. Abbaa malee, ergantooti ol-gubba'aalle
hin beekanu; Ilmille hin beeku.
33 Yennaan yoom akka teete isin waan hin been-
neef ifi eeggadha'a! Dammaqa'a.
34 Wonni kun akka nami mana ifii lakkisee
bayyatee deemu tokko, itti gaafatamummaa ho-
jjatoota ifiitiif kennuu fakkaatti. Inni tokko
tokkoofuu waan hujanu kennee, eeddoon balbala
eegu dammaqee akka eeguuf ajaja.

35 Maarre, abbaan manaa galgala yookiin
halkan hoxxeessa, yookiin iyya lukku'uu, yookiin
barii dhufuu isin waan hin beenneef dammaqa'a!
36 Dedhuma yoo dhufe rattaneertanuun me isin
dhagguu ti.
37 Ani waan isiniin jedhu nama maraanuu
jedha. Dammaqa'a!» jedhe.

# 14

### *Yesuus Ijjeesiisaaf Mari'atane*
### *(Mat. 26:1-5; Luq. 22:1-2; Yoh. 11:45-53)*

1 Amma, Jila Irra Dabaramaatii fi Jila Daabboo
Uukoo Hin Qanneetiif guyyaa lamatti hafeera.
Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera
Muuse'ee Yesuus attamiin akka qabanee ijjeesanu
dhokaataan mari'atane.
2 Isaan, «Kolbaan waan raafantuuf yennaa jilaa
tana hin tolchinu» jedhane.

### *Dubartiin Takka Bitaaniya'atti Yesuusitti Fiqiree Naxxe*
### *(Mat. 26:6-13; Yoh. 12:1-8)*

3 Yesuus Bitaaniya'atti mana Simoonii
dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan dur
qabameeruutitti adoo areerratiisatti jiruu,
dubartiin takka fiqiree makaa hin qanne ta
hidda muka naardoosii irraa hujante, ta gatii
guddo'oo, duloo dhakaa albaasaaxarii irraa
hujame guutuu fidde; duloo san cassitee fiqiree
san mataa Yesuusiititti naxxe.
4 Nami gariin ammoo aaree, «Fiqireen tun maaf
akkanaan baddi?

5 Fiqireen tun silaa mindaa woggaa tokkoo*
caala'atti gurgurantee, beeseen sun hiyyeeyyi'iif
hin kennamaayyu» woliin jedhanee, hincinnaya-
nee isii malchane.

6 Yesuus ammoo, «Isii lakkisa'a! Isin maaf isii
rakkittan? Isiin waan dansaa naaf gooteerti.
7 Hiyyeeyyiin yennaa maraa isiniin woliin jiran;
yennuma feetane isin isaan qarqaaruu hin dan-
deettan. Ani ammoo yennaa mara isin woliin hin
jiraadhu.
8 Isiin waan dandeette goote; duraan dur-
sitee nafa kiyyatti fiqiree naxxee awwaalaaf
qopheessite.
9 Ani dhugumaan isinitti hima, biyyaa lafaa ir-
ratti Oduun Gammadaa addee lallabantu maratti
wonni isiin goote kun qaabbii isi'ii te'ee himama»
jedhe.

### *Yihudaan Yesuus Dabarsee Kenniisaaf Jaraan Wolii Gale*
### *(Mat. 26:14-16; Luq. 22:3-6)*

10 Achiin duuba Yihudaan nami biyya Keriy-
ootii barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko
ka te'e, Yesuus dabarsee kenniisaaf gara sooreyyii
hayyootaa dhaqe.
11 Isaan waan kana yennaa dhage'ane, gam-
madanee, beesee isaa kenniisaaf addachiisane.
Maarre Yihudaan Yesuus dabarsee kenniisaaf
yennaa dagu'uu barbaadate.

* **14:5** *Mindaa woggaa tokkoo:* Dinaara dhibba sad

### *Yesuus Sagalee Jila Irra Dabaramaa Barattoota Woliin Nyaate*

*(Mat. 26:17-25; Luq. 22:7-14,21-23; Yoh. 13:21-30)*

12 Guyyaa jalqaba Jila Daabboo Uukoo Hin
Qanneetitti, yennaa hooleen Jila Irra Dabaramaa
qalame, barattooti, «Sagalee Jila Irra Dabaramaa
eessatti akka si'iif qopheessinu barbaadda?» jed-
hanee Yesuus gaafatane.
13 Yesuus barattoota ifii lamaaniin, «Gara
qacha'aa deema'a! Nama tokko ka okkotee
bisaanii kaafateeru dhaggitan. Isa faana
deema'aatii,
14 abbaa mana inni seenuutiin, ‹Kolloon
keessumma'aa ta ani barattoota tiyya woliin
sagalee Jila Irra Dabaramaa keessatti nyaadhu
eessa jirti? Si'iin jedha barsiisaan› jedha'a.
15 Achiin duuba inni kolloo mana irraa badhoo,
ta meya manaatiin guutantee afante takka isinitti
hin mudhisa. Achitti nu'uuf qopheessa'a» jedhee
erge.
16 Barattooti sun ka'anee gara qachaa gudda'aa
dhaqanee, waan maraa akkuma inni isaanitti
hime dhaggane; sagalee Jila Irra Dabaramaalle
qopheessane.
17 Yennaa latti galgalootte Yesuus barattoota ifii
kudhanii lamaan woliin dhufe.
18 Adoo isaan qori'itti hiiqanee nyaatiisatti ji-
ranuu, Yesuus, «Ani dhugumaan isinitti hima; isin
keessaa nami tokko, ka na woliin nyaatiisatti jiru
dabarsee ana hin kenna» jedhe.
19 Barattooti laaleffatanee, «Dhugumaan anaan
jechuu keetii moti! Jechuu keetii?» jedhanee

badoo bado'oon isa gaafatane.
20 Yesuus isaaniin, «Inni isin nama kudhanii
lamaan keessaa tokko, ka na woliin qorii tanatti
cuuphataa nyaataaru.
21 Ilmi namaa akkuma marroo isaatiif bar-
reeffante hin du'a; ammoo nama Ilma Namaa
dabarsee kennuuf aanne'e! Inni adoo ijjumaa
dhalatiisa dhabee jiraatee isaa woyya!» jedhe.

### *Irbaata Gootta'aa*
### *(Mat. 26:26-30; Luq. 22:14-20; 1 Qor. 11:23-25)*

22 Adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus xaltaa
daabbo'oo fuudhee, eebbisee, caccassee,
barattoota ifiitiif kennee, «Fudhadha'a; kun foon†
kiyya!» jedhe.
23 Achiin duuba Inni muduunuu fuudhee,
Waaqaaf galata galchee, isaaniif kenne; isaan
maraa muduunuu keessaa unane.
24 Yesuus «Kun dhiiga kiyya, ka kolbaa
heddu'uuf dhangala'e, ka Waaqi ittiin gondoore.
25 Ani dhugumaan isinitti hima; mootummaa
Waaqaa keessaatitti haga guyyaa daadhii Woyni'ii
haareya unutti ijjumaa deebi'ee daadhii Woyni'ii
hin unu» isaaniin jedhe.
26 Achiin duuba isaan faaruu faarsanee, gara
gaara ejersaa ol bayane.

### *Yesuus Mormatiisa Pheexroosii Duraan Dursee Hime*
### *(Mat. 26:31-35; Luq. 22:31-34; Yoh. 13:36-38)*

27 Yesuus isaaniin, «Barreeffam Woyyichi, ‹Ani
tissee hin dhowa; hoolotille hin xexeeraman›,
waan jedhuuf isin martinuu na lakkittanee hin
baqattan.

† **14:22** *Foon:* Kitaab Giriikii nafa jedha

28 Ani ammoo du'aa ka'een duuba isiniin dura
gara Galiila'aa dhaqa» jedhe.
29 Pheexroos Yesuusiin, «Isaan martinuu si
lakkisanee yoo baqatanelle ani ijjumaa si lakkisee
hin baqadhu!» jedhe.
30 Yesuus Pheexroosiin, «Ani dhugumaan si'iin
jedha; halkanuma kana adoo lukkuun yennaa
lamaan hin iyyin ati yennaa sadiin na mormatta»
jedhe.

31 Pheexroos ammoo afaan guutatee «Ani si
woliin du'uuf yoo barbaachiselle, ijjumaa si hin
mormadhu» jedhe.

Isaan martinuu akkasuma jedhane.

### *Yesuus Getesemaane'etti Daadimate (Mat. 26:36-46; Luq. 22:39-46)*

32 Yesuusii fi barattooti isaa addee Getesemaa-
nee jedhantu takka dhaqanee, inni isaaniin «Haga
Ani daadimadhu asi tee'a'a» jedhe.
33 Inni Pheexroos, Yaaqoobii fi Yohaannis ifi
biratti fuudhee, gaddee laaleffatee,
34 isaaniin, «Ani qixxee du'aatitti guddoo gadde.
Isin as tura'a; dammaqa'a» jedhe.
35-36 Yesuus haga diqqoo irraa hiiqee lafatti
jigee, yoo dande'ame yennaan rakkinnaa sun
akka isa irra dabartu, «Abbaa kiyya wonni mara
si'iif hin dande'ama; muduunuu rakkinnaa kana
na irraa dabarsi! Ammoo akka fedha keetii teetuu
malee, akka fedha kiyyaa hin te'in» jedhee daadi-
mate.

---

**14:28** Mat. 28:16

37 Achiin duuba inni deebi'ee dhufee, barat-
tooti sadiin sun rafaneeranuun dhaggee, Phe-
exroosiin, «Simoon rateertaa? Saatuma takkaalle
dammaxxee tee'iisaaf hin dandeennee?
38 Akka hin ataabanne, dammaqa'aatii daadi-
madha'a! Ayyaanni namaa hin halcha; foon am-
moo dadhaba'a» jedhe.
39 Inni ammalle achi dhaqee, akkuma angafa
jedhe jedhaa daadimate.
40 Yesuus gara barattootaa yennaa deebi'ee
dhufe, ilti isaanii waan dunquuqotteertuuf rafa-
neeranuun dhagge; isaan waan deeffatanulle
wollaalane.
41 Inni sadeessoo, yennaa deebi'ee gara isaanii
dhufe, «Isin ammalle rattanee foorfatiisatti jir-
tanii? Yoona geette! Saatiin geetteerti! Kunoo,
Ilmi namaa harka cubbaaleyyi'iititti dabarfamee
kennamaara.
42 Ka'aa, deemnaa! Kunoo ka ana dabarsee
kennu dhikaateera» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Qabame*
### *(Mat. 26:47-56; Luq. 22:47-53; Yoh. 18:3-12)*

43 Adoo Yesuus tana dubbatiisatti jiruu, barat-
toota isaa kudhanii lamaan keessaa tokko ka
te'e Yihudaan dhufee biraan baye. Gumiin shal-
laaga'aa fi ulee-jirma qabatteertu, sooreyyii hayy-
ootaa, barsiisota Seera Muuse'eetii fi maangud-
dootaan ta ergante isa woliin dhutte.
44 Yihudaan, «Nami ani sunqadhu ka isin
barbaaddanu. Isa qaba'aatii eegaa fuudha'aa
deema'a» jedhee isaaniif beessisa kenneera.
45 Yihudaan akkuma achi geyeen, gara Yesuusii
dhaqee, «Barsiisa'a!» jedhee isa sunqate.

46 Maarre isaan Yesuus qabanee hidhane.
47 Worra achi dhaabbataneeranu keessaa
tokkochi shallaagaa buqqifatee, garbicha
hayyicha gudda'aa dhowee, gurra irraa kute.
48 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Akka ani
yakkaamessaa shallaaga'aa fi ulee-jirma qabatta-
nee na qabiisaaf dhuttanee?
49 Guyyuma guyya'aan Galma Waaqaa keessatti
barsiisaa isinuma woliin ture; isin na hin qanne.
Ammoo Barreeffam Woyyichi wonni jedhu mum-
mowiisaa malte» jedhe.
50 Achiin duuba barattooti martinuu Yesuus
lakkisanee baqatane.
51 Dargaggeessi tokko, ka woyaa qoola quncee
talba'aa irraa hujante callaa uffateeru isa hordofe.
Yennaa isaan isa qabane,
52 inni woyaa itti mulqatee, muxuqatee qullaa
dheete.

### *Yesuus Kora Murti'ii Duratti Dhikaate*
*(Mat. 26:57-68; Luq. 22:54,55,63-71; Yoh. 18:13,14,19-24)*

53 Achiin duuba gara mana hayyicha gudda'aa,
addee sooreyyiin hayyootaa, maanguddootii
fi barsiisoti Seera Muuse'ee wolitti qabamanu
Yesuus geessane.
54 Pheexroos Yesuus irraa fagaatee, haga bad-
hinna dalleya hayyicha gudda'aa seenutti hord-
ofee, gula deeme. Achitti inni eeddota woliin
tee'ee, ibidda qanqaammate.
55 Sooreyyiin hayyootaatii fi korri murti'ii du-
udiinuu, Yesuus ijjeesisiisaaf, nama yakkaa isaa
himatu barbaadane. Ammoo nama isa himatu
tokkolle hin dhaggine.

56 Nami hedduun dharaan Yesuus himate; ammoo afaan isaanii tokko hin teene.
57-58 Achiin duuba nami gariin ol ka'anee, « ‹Ani Galma Waaqaa ka harka namaatiin ijaarame kana diigee, guyyaa saditti ka dhibii ka harka namaatiin hin ijaaranne ijaara›, jedhuun dhageenneerra» jedhanee dharaan itti dhugaa bayane.
59 Ammoo teetuu malee wonni isaan jedhane afaan tokko hin teene.

60 Hayyichi guddaan kora murti'ii duratti ol ka'ee, Yesuusiin, «Waan isaan si himatane kanaaf ati deebii hin qadduu?» jedhee gaafate.
61 Inni cadhise malee womaa hin dubbanne. Ammalle hayyichi guddaan isaan, «Masiihiin, Ilmi Waaqa ulfaata'aa si'ii?» jedhee gaafate.
62 Yesuus, «Ee ana; Ilmi namaa midda Waaqaa waan mara godhuu dande'u tee'ee ol-gubba'aa duumensaan dhufuun hin dhaggitan» jedhe.
63 Hayyichi guddaan woyaa ifii tarsaasee, «Dhugaa dhibii maaf barbaanna?
64 Inni Waaqa faanshessuun isinuu dhageettane. Murtiin teessan maan ree?» jedhe. Isaan martinuu afaan tokko te'anee, ijjeefamu'uu male jedhanee itti murane.
65 Namooti gariin Yesuusitti tufanee, ila isaalle hidhanee, «Eentu si dhowe? Me raagii himi» jedhaa tuntummu'uun isa dhowane. Worri eegulle fuudhee isa kakkabale.

*Pheexroos Yesuus Mormate*
*(Mat. 26:69-75; Luq. 22:56-62; Yoh. 18:15-18,25-27)*

66 Pheexroos ammalle badhinna dalleyaa
keessa adoo jiruu, durroota hayyicha gudda'aaf
tajaajiltu keessaa takkaan dhuttee biraan baate.
67 Isiin Pheexroos ibidda qanqaammatuun yen-
naa dhaggite, isa hubattee ilaaltee, «Atille Yesuusii
biyya Naaziretii woliin jirtaayyu» jetteen.
68 Inni ammoo, «Waawwo'o! Wonni ati dubbati-
isatti jirtu kun naaf hin galu» jedhee mormate.
Achiin duuba akkuma inni gara hulaa karraa bay-
een lukkuun iyyite.
69 Ammalle durrittiin tajaajiltittiin tuun isa
dhaggitee worra achi dhaabbateeruun, «Namichi
kun nama isaanii ti!» jette.
70 Pheexroos ammoo ammalle mormate.
Yennaa diqqo'oon duuba worri achi dhaabba-
teeru Pheexroosiin, «Ati nama Galiila'aa waan tee-
teef, dhugumaan ati nama isaanii ti» jedhane.
71 Inni ammoo, «Namicha isin jettanu kana ani
hin beeku» jedhee ifi abaaraa kakatiisatti ka'e.
72 Yennuma san lukkuun lammeessoo iyyite.
Achiin duuba Pheexroos dubbii Yesuus, «Adoo
lukkuun yennaa lamaan hin iyyin ati yennaa
sadiin na mormatta» isaan jedhe qaabatee, laalle-
fatee bowe.

# 15

### *Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame*
### *(Mat. 27:1,2,11-14; Luq. 23:1-5; Yoh. 18:28-38)*

1 Barii halkaniin sooreyyiin hayyootaa: maan-
guddoota, barsiisota Seera Muuse'eetii fi kora
mura'aa duudii woliin mari'atane. Achiin duuba
isaan Yesuus hidhanee, geessanee, Philaaxoositti
dabarsanee kennane.

2 Philaaxoos, «Ati mootii Yihudootaa tii?» jed-
hee isa gaafate.

Yesuus, «Maarre atuu jette» jedhee deebise.

3 Sooreyyiin hayyootaa waan heddu'uun isa hi-
matane.
4 Philaaxoos ammalle, «Me waan hedduu si hi-
matane kana ilaali! Ati womaa hin deebittuu?»
jedhee Yesuus gaafate.
5 Yesuus ammoo, ammalle womaa hin dee-
binne; Philaaxoos waan kana baaseffate.

*Yesuusitti Du'a Murane*
*(Mat. 27:15-26; Luq. 23:13-25; Yoh. 18:39; 19:16)*

6 Yennaa Jila Irra Dabaramaa, Philaaxoos worra
hidhamane keessaa nama tokkocha, ka kolbaan
gaafatte aadaa hiiku qaba.
7 Yennaa san worra alagalaa nageya
booressiisaan nama ijjeesanee hidhamane
keessaa namichi Barabbaa jedhamu tokko jira.
8 Gumiin wolitti qabantee, Philaaxoos akkuma
qara tolchu akka tolchuuf yennaa gaafatte,
9 inni, «Isin akka ani mootii Yihudootaa isinii
hiikuuf barbaaddanii?» jedhee isaan gaafate.
10 Inni sooreyyiin hayyootaa akka Yesuus hi-
naaffa'aan dabarsanee isatti kennane beekeera.
11 Sooreyyiin hayyootaa ammoo, Philaaxoos
addee isaa Barabbaa akka isaanii lakkisu gumiin
akka gaafattuuf tirtirsane.
12 Philaaxoos ammalle, «Namicha isin Mootii Yi-
hudootaa jettanu maan tolcha ree?» jedhee gumii
gaafate.
13 Isaan, «Isa fannisi!» jedhanee hogisane.

14 Philaaxoos, «Maaf akkana jettan? Maan
yakke?» jedhee gaafate.

Isaan ammoo, «Isa fannisi!» jedhanee guddisa-
nee hogisane.
15 Philaaxoos gumii gammachiisu'uuf
barbaadee, Barabbaa isaaniif hiike. Achiin
duuba inni Yesuus liche'een dhaansisee akka
fannifamuuf dabarsee kenne.

### *Loltooti Yesuusitti Taphatane*
### *(Mat. 27:27-31; Yoh. 19:2,3)*

16 Loltooti Yesuus gara moonaa galma mooti'ii
keessa geessanee, loltoota san keessaa worra
hafanelle waamanee wolitti qabane.
17 Isaan woyaa dhiillee itti uffisane, dameelee
qore'eetiin kallacha hujanee mataa isaatitti
keyane.
18 Achiin duuba isaan, «Mootii Yihudootaa ji-
raadhu!» jedhaa isa nageya fuudhane.
19 Isaan mataa Yesuusii ule'een dhaananee,
hancufa itti tufanee, akka waan isa ulfeessanuu
sobanee duratti jilbiiffatanee, isaa sagadane.
20 Isaan itti taphataneen duuba woyaa dhiillee
san irraa baasanee, woyaa isaa deebisanee itti
uffisane. Achiin duuba gad baasanee fannisiisaaf
isa geessane.

### *Yesuus Fannifame*
### *(Mat. 27:32-44; Luq. 23:26-43; Yoh. 19:17-27)*

21 Isaan namicha biyya Qareena'aa tokko, ka
Simoon jedhamu, abbaan Iskindrosiitii fi Ruu-
foosii, ficha'aa gara qacha'aa adoo dhufuu qa-
banee fannoo Yesuusii akka ba'atu hunnaan
tolchane.

22 Isaan Yesuus gara Golgootaa, addee «Buqqii
mata'aa» jedhantu geessane.
23 Achitti daadhii woyni'ii qumbi'iin makanee
Yesuusiif kennane; inni ammoo unuu didate.
24 Achiin duuba isaan Yesuus fannisanee,
woyaa isaa eennu fa'a akka geettu beekiisaaf
hixaa buufataa qoqoodamane.
25 Yennaan isaan Yesuus fannisane sun barii
saatii sad.
26 Beessisi yakkaa inni itti himatamee, «Mooticha
Yihudootaa» jedha.
27 Isaan alagaltoota* lamaan, tokkocha mid-
daan, tokkocha bita'aan Yesuus woliin fannisane.
[
28 Akka kanaan Barreeffam Woyyichi, «Inni
yakkaameyyii woliin laakkowame» jedhu muum-
mowe.]
29 Worri achiin dabaranu, mataa ifi raasaa,
«Hay! Ati Galma Waaqaa diiddee guyyaa saditti
deebittee ka ijaartu!
30 Me ifi fayyisiitii fannoo irraa gad bu'i!» jed-
haa Yesuus arrassane.
31 Akkasuma sooreyyiin hayyootaatii fi barsi-
isoti Seera Muuse'ee Yesuusitti taphatane. Isaan
wol woliin, «Inni worra dhibii fayyiseera, mataa
ifii ammoo fayyisiisa hin dande'u!
32 Inni Masiihii, Mootii Israa'el yoo te'e, fannoo
irraa ifi buusuu ti! Achiin duuba nuutille dhaggi-
nee isatti dhugeeffanna!» jedhane.

Jarri lamaan Yesuus woliin fannifamanelle isa arrassane.

---

* **15:27** *Alagaltoota:* Shittoota

### *Du'a Yesuusii*
### *(Mat. 27:45-56; Luq. 23:44-49; Yoh. 19:28-30)*

33 Orraa saatii jaan jalqabee, haga saatii sagalii
latti duudiin dukkanootte.
34 Saatii sagalitti Yesuus, «Elo'ii, Elo'ii, lamaa
sabaktanii?» jedhee qoonqoo guddo'oon iyye;
akkas jechuun, «Waaqa Kiyya, Waaqa Kiyya, maaf
na lakkittee?» jechu'u.
35 Worra achi dhaabbataneeranu keessaa gariin
kana dhage'anee, «Dhage'aa, inni Eliyaas waami-
isatti jira» jedhane.
36 Isaan keessaa tokkochi fiigee, ispoonjii† daad-
hii woyni'ii dhangaggoottu'utti cuuphee, qaccee
ule'eetitti keyee, akka unuuf ol Yesuusitti qabee,
«Eegi me! Eliyaas dhufee fannoo irraa akka isa
buusu ilaallaa!» jedhe.
37 Yesuus qoonqoo guddo'oon iyyee du'e.
38 Gollaan Galma Waaqaa keessatti gollaneer-
anu gubbaa haga gadii addee lamatti tarsa'e.
39 Ajajaan dhibbaa, ka achi fannoo Yesuusii
dura dhaabbateeru, akka inni itti du'e dhage'ee,
«Dhugumaan, nami kun Ilma Waaqaa ti» jedhe.
40 Dubartooti gariin fagaatanee ilaaliisatti ji-
raniiyyu. Isaan keessaa Maaryamii Magdalaa,
Maaryamii haadha Yaaqoobii maandhichaatii fi
Yoose'ee, Saloomeelle achi jiran.
41 Isaan yennaa inni Galiilaa jiru isa hordofa-
nee, isa tajaajilane. Dubartooti dhibiin ta isa
woliin gara Yerusaalemii dhufanelle achi jiran.

### *Yesuus Awwaalame*
### *(Mat. 27:57-61; Luq. 23:50-56; Yoh. 19:38-42)*

---

† **15:36** *Ispoonjii:* Waan nafaan bisaan xuuxu

42 Guyyaa, guyyaa Sanbataatiin duraa, gaafa
qopheeffata Yihudootaa gara galgalaa,
43 Yoseefiin qachaa Armaatiya'aa ka miseensa
kora murtii Yihudootaa keessatti ulfaata'aa fi dh-
ufa mootummaa Waaqaa eegatiisatti jiru dhufee,
gadhaa jabeennaan Philaaxoos dura dhikaatee
reeffa Yesuusii akka isaa kennuuf gaafate.
44 Philaaxoos akka Yesuus qaata du'e yen-
naa dhage'ee maadeffate. Inni ajajaa dhibbaa
waamee akka Yesuus du'eeru isa gaafate.
45 Philaaxoos ajajaa dhibbaa irraa oduu fuud-
heen duuba, reeffa Yoseefiif kenne.
46 Yoseef woyaa qoola bitee reeffa Yesuusii
fannoo irraa buusee, itti maree, boolla awwaalaa
ka dhakaa keessatti bocamee qophoweerutti
awwaale. Achiin duuba dhakaa guddaa
gangalchee afaan boollaa duuche.
47 Maariyaamiin qachaa Magdala'aatii fi
Maariyaamiin haati Yoseefii addee reeffi Yesuusii
itti awwaalame hubatanee dhaggane.

# 16

### *Yesuus Du'aa Ka'e*
### *(Mat. 28:1-8; Luq. 24:1-12; Yoh. 20:1-10)*

1 Guyyaan Sanbataa dabareeruun duuba,
Maariyaamiin qachaa Magdala'aa, Maariyaamiin
haati Yaaqoobii, Saloomeelle dhaqanee nafa
Yesuusii issiisaaf fiqiree bitane.
2 Isaan guyyaa Dilbataa barii halkaniin, yennaa
aduun baatu, gara boolla awwaalaa dhaqane.
3 Isaan kara'atti, «Eennutti afaan boolla
awwaalaa irraa dhakaa nu'uuf gangalchaa?»
woliin jedhane.

4 Ammoo yennaa itti hiiqanee ilaalanee dhakaan guddaan bineensi sun duruu irraa garagalfameeruun dhaggane.
5 Isaan boolla awwaalaa keessa yennaa seenane dargaggeessi tokko, woyaa adii uffatee gara middaatitti tee'eeruun dhagganee rifatane.
6 Inni ammoo, «Hin rifatina'a! Isin Yesuusii Naaziretii ka fannifame barbaaddan. Inni ka'eera; as hin jiru. Addee isa keyane kunoo ilaala'a!
7 Amma deema'aatii, barattoota isaatii fi Pheexroositti, ‹Inni isiniin dura Galiilaa dhaqa; akkuma isinitti hime achitti isa hin dhaggitan› jedha'aa hima'a» isaaniin jedhe.
8 Maarre dubartooti naasu'uun bararaqanee, boolla awwaalaa keessaa bayanee baqatane. Isaan waan sodaataneeranuuf eennulle'etti womaa hin dubbanne.

### *Yesuus Maariyaamii Qachaa Magdala'aatitti Mudhate*[*]

*(Mat. 28:9-10; Yoh. 20:11-18)*

[
9 Yesuus Dilbata ganama du'aa ka'een duuba, dursee Maariyaamii qachaa Magdala'aa, ta inni ayyaanota hamoota torba keessaa baaseerutti mudhate.
10 Isiin gara worra duri isa woliin jiranuu, ka guddoo bowiisatti jiranuu dhaxxee hinte.

---

* **16:8** Woraabbi'ii fi hiikkaan durii gariin laakkossa 9-10 irratti, «Dubartooti gara Pheexroosiitii fi jaalota isaa dhaqanee, waan dhage'ane gabaassanee isaanitti himane. Kanaan duuba Yesuus ifumaafuu karaa barattoota ifiitiin ergaa fayyinna bara baraa woyyitti'ii fi ta haga bara baraa jiraattu karaa aduun baatuu haga aduun seentuutitti erge» jedhu qaban.

11 Isaan Yesuus hin jira jechuu isi'iitii fi akka isa
dhaggitelle yennaa dhage'ane hin dhugeeffanne.

### *Yesuus Barattoota Lamaanitti Mudhate (Luq. 24:13-35)*

12 Eegii san Yesuus, barattooti lamaan qachaa
keessaa bayanee adoo ideemiisatti jiranuu akka
dhibi'iin itti mudhate.
13 Isaan deebi'anee worra kaanitti waan kana
yennaa himane, isaan ammoo hin dhugeeffanne.

### *Yesuus Barattoota Kudhanii Tokkotti Mudhate (Mat. 28:16-20; Luq. 24:36-49; Yoh. 20:19-23; HuE. 1:6-8)*

14 Eegii san Yesuus, barattooti kudhanii tokko
adoo areerratiisatti jiranuu itti mudhate. Sababa
isaan dhugeeffannaa dhabanee fi worra du'aa
ka'iisa isaa dhaggane dhugeeffatiisa dhabiisaan
mataa jabaataneef, inni isaan dheekkame.
15 Achiin duuba inni, «Gara biyya lafaa duudii
dhaqa'aatii, kolbaa maratti Oduu Gammadaa lal-
laba'a.
16 Nami dhugeeffatee cuuphame mara hin
fayya; ammoo ka hin dhugeeffanne mara itti
murama.
17 Worri natti dhugeeffatu baasota akka
tolchuuf hunni hin kennama. Isaan maqaa
kiyyaan durriisota hin baasan; afaan haareyaan
hin dubbatan;
18 Yoo dhudhuufaa harkaan qabanee ol fuud-
hane, yookiin yoo waan nama ijjeesu unanelle
isaan hin miidhu; worra fayyaa hin qanne irra
harka ifii yoo keyane, worri sunille hin fayya»
isaaniin jedhe.

### *Yesuus Gara Ol-gubba'aa Deebi'e*
### *(Luq. 24:50-53; HuE. 1:9-11)*

19 Goottaan Yesuus isaan woliin dubbateen
duuba, gara ol-gubba'aa fudhatamee, mogguu
midda Waaqaatitti tee'e.
20 Achiin duuba barattooti bayanee, addee du-
udii dhaqanee Oduu Gammadaa lallabane; Goot-
taan isaan woliin hojjatee baasota hojjatanteen
lallaba isaanii mirkaneesse.]†

**16:19** HuE. 1:9-11 † **16:20** Woraabbiin gariin laakkossa 9-20 Wongeela Maarqoos barreesse keessatti hin qabanu

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e